# XIINXALA DANDEETTII HIIKA JECHOOTAA AFAAN OROMOO BARATTOOTAA: HAALA MANA BARUMSAA NOPHAA SADARKAA 2$^{FFAA}$ KUTAA 11$^{FFAA}$ FI 12$^{FFAA}$

QORATAAN: SALAMOON LAMMEESSAA

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA, KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANITII, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

SADAASA, 2015

JIMMA

YUUNIVARSITII JIMMAA

KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITII, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

# XIINXALA DANDEETTII HIIKA JECHOOTAA BARATTOOTAA: AFAAN OROMOO: HAALA MANA BARUMSAA NOPHAA SADARKAA 2FFAA KUTAA11[FFAA] FI 12[FFAA]

QORATAAN: SALAMOON LAMMEESSAA

GORSAAN: CIMDII WAAQUMAA

GORSAA AANTEE:TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUTTACHUUF QOPHAA’EE, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

SADAASA, 2015

JIMMA

## Mirkaneessa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi mata duricha irratti kallattiin kan hojjete ana akka ta'ee akkasumas kan nama biraa irraa kanan hin waraabne ta'uu mallattoo kootinan mirkaneessa.

Maqaa qorataa Salamoon Lammeessaa

Mallattoo ________________________
Guyyaa_________________________

YUUNIVARSITII JIMMAA

SAGANTAA EEBBAAN BOODAA

Waraqaan qorannoo kun Salamoon Lammeessaa Agaatiin, mata duree: Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Afaan Oromoo: Haala Mana Barumsaa Nophaa Sadarkaa 2ffaa Kutaa 11ffaa Fi 12ffaa ulaagaa digirii lammaffaa barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf qophaa'ee kan dhiyaate yoo ta'uu, jalqabaa hanga xumuraatti hojii dhuunfaa koo ta'ee akka seera Yuunivarsitichaatti sadarkaafi qulqullina isaa eegee dhiyaateera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa _________________________ Mallattoo __________Guyyyaa ___________

Qoraa Keessaa ___________________________Mallattoo __________ Guyyaa

Gorsaa _______________________________Mallattoo _________Guyyaa ___________

Gorsaa Aantee _________________________Mallattoo _________Guyyaa __________

---

Dura taa'aa muummeem yookiin qindeessaa sagantaa eebbaan booda

## Axareeraa

*Qorannoon kun mata-duree Xiinxala Dandeettii hiika jechoota barattootaa Afaan Oromoo kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ haala mana Barumsa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ irratti kan taasifamee dha. Kaayyoon qorannichaa dandeettttii hiika jechoota barattootaa kutaa $11^{ffaa}$ fi$12^{ffaa}$ mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ rakkina maal maalii akka ta'e xinxaluu dha. Filannoon mana barumsaa kun iddatteessuu akkayyootiin yoo ta'uu; Qorataan qorannicha galmaan gahuuf gosa qorannoo makaa, xinxala jecha ibsaa, mala akkamtaa akkasumas ammamtaatti dhimma baheera. Meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanaman qormaataa barattootaafi afgaaffii barsiisotaatti dhimma baheera. Haalli iddattoon itti funaanames barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ barnoota isaanii barachaa jiran 422 keessaa barattoota 68f mala carraatiin filatamanii qormaatani kan kennameef yammuu ta'u qormaatichis koree qormaata mana barumsichaatiin sorooramee qoratichatti deebi'uun dhibba keessaa baasuun xiinxalameera. Akkasumas, barsiisota Afaan Oromoo Kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ barsiisaa jiran shanirraa afgaaffiin sassaabameera. Odeeffannoowwan funaanaman kunneenis isaan lakkoofsaan funaanaman mala ammamtaan, isaan jechaan funaanaman immoo mala akkamtaan qaacceeffamaniiru. Akkasumas, hanqinaalee isaan danddeettii hiika jechootaa irratti argisiisan hiika kallattiifi hiik-heddeedhaan gadaanaa akka ta'aan akkasumas qajeelfama qormaata sirriitti hordofuu dhabuu, jechoota Afaan Oromootiin gaafataman Afaan amaariffaatiin deebisuu, qabiyyeewwan hiika jechootaa walkeessa makuun rakkoo barattootaa akka ta'ee hubatameera. Xumurarrattis barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan xiyyeeffannoo kennuu akka qaban, barattoonnii aadaa dubbisuu isaanii akka cimsatanuufi barsiisonnis jajjabeessuu akka qabanu akka yaada furmaataatti kaameera.*

# Galata

Duraan dursee waan hundumaa gaarii godhee kan nagargaare Waaqayyoon galanni haagahu. Itti aansuudhaan hojii qorannoo kanaa keessatti jalqabaa kaasanii hanga xumuraatti gorsa ogummaa kan naaf kennaa turan Cimdii Waaqumaa (Ass.Pro.) fi gorsaa aantee Tashoomaa Balaayinaa (PhD) galanni koo daangaa hin qabu. Itti dabaluun waggaa jalqabaa irraa kaasanii hanga waggaa $4^{\text{ffaa}}$tti beekumsaafi muuxannoo gahaa naaf qooduun kan nabarsiisaa turan barsiisota Yuunivarsitii Jimmaa Koolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitii Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu nangalateeffadha. Akkasumas wayitan qorannookoo kana gaggeessetti deggarsa gama hundaan barbaachisu keessatti qooda fudhachuun kan nabira dhaabbatan maatii kootiifi hiryoottan koo hundaaf galanni koo guddaa dha. Xumura irrattis madda odeeffannoo ta'anii kan nagargaaran barattootaafi barsiisota muummee Afaanii Mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$kutaa $11^{\text{ffaa}}$ fi $12^{\text{ffaa}}$ guddaan galateeffadha.

## Hiika jechootaa

Afaan Oromoo Afaan Ingilizii

Af gaaffii---------------------------------------------Interview

Axareeraa -------------------------------------------Abstract

Hiika jechoota faallaa ------------------------------Antonym

Hiika jechootaa faallaa qoodama -----------------Gradable antonyms

Hiik heddee -------------------------------------------polysemy

Hiika jechota kallattii -------------------------------Homonym

Iddatteessuu --------------------------------------------Sampling

Iddatteessuu carraa ------------------------------------probability sampling

Qorannoo ibsaa -----------------------------------------Descriptive research

Qorannoo makoo --------------------------------------Mixed research

Saxaxa ----------------------------------------------------Design

Xiinxala --------------------------------------------------Analysis

# Baafata


Axareeraa .......... i

Galata .......... ii

Hiika jechootaa .......... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA .......... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa .......... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa .......... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa .......... 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo .......... 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree .......... 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .......... 6

1.5. Daangaa Qorannichaa .......... 7

1.6. Haala Naannoo Mana Barumsaa Qorannichi itti gaggeeffame .......... 7

1.7. Hanqina Qorannichaa .......... 8

1.8. Qindoomina Qorannichaa .......... 8

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUU .......... 9

2.1. Maalummaa fi Daangaa Hiikaa .......... 9

2.2 . Maalummaa Jechootaa .......... 9

2.3. Hiika Jechootaa (Lexical meaning) .......... 10

2. 4. Dandeetti jechootaa Madaaluu .......... 12

2.4.1. Jechoonni maal Madaalu (What Vocabulary /words /to test) .......... 12

2.4.2 . Murteewwan Madaallii Dandeettii Hiika Jechootaa .......... 12

2.5. Hariiroo Jechaafi Hiika Gidduu Jiru .......... 13

2.5.1. Hiik-Tokkee (Synonym) .......... 13

2.5.2. Hiika Fallaa (Antonyms) .......... 14

2.5.3. Hiik-Danee (Polysemy) .......... 15

2.6. Gosoota Hiika Jechootaa .......... 16

2.6.1. Hiika Galumsaa ....................16
2.6.2. Hiika Bakka Bu'amaa ....................16
2.6.3. Hiika Addaa....................17
2.7. Sakatta'a Qornnoo Aantee....................17
2.8. Yaaxxina Xinqooqaa ....................18
2.9. Haala Barnoota Hiikaa Jechootaa Barattoota Kutaa 7ffaa Hangaa Kutaa 10ffaatti ....................19
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ....................21
3.1.Saxaxa Qorannoo ....................21
3.2. Irraawwatama Qorannichaa....................22
3.3. Madda Ragaalee ....................22
3.4.Iddattoo fi Iddattteessuu ....................23
3.5.Meeshaalee Funaansa Ragaa ....................23
3.5.1.Qormaata ....................23
3.5.2. Afgaaffii ....................24
3.6. Mala Qinda'ina OdeeffannooFi Tooftaa Xiinxala Ragaalee....................25
BOQONNAA AFUR: XIIXALA FI IBSA RAGAALEE....................27
4.1. Seen Duubee Ragaa Kennitootaa ....................27
4.2. Xiinxala Dandeettii Hiikajechootaa Barattootaa. ....................28
4.2.1. Dandeettii Hiika Kallattii Barattootaa ....................29
4.2.2. Dandeettii Hiika Galumsaa ....................31
4.2.3. Dandeettii Hiik-heddee Barattootaa ....................35
4.2.4. Dandeettii Hiika faallaa Barattootaa ....................37
4.3. Ciminaafi Hanqina dandeettii Hiika Jechoota Barattootaa ....................41
4.4. Sababoota hanqinaa dandeettii hiika jechoota barattootaa....................49
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA....................52
5.1. Cuunfaa ....................52
5.2.Argannoo....................53

5.3. Yaada Furmaataa ........ 53
WABIILEE ........ 55
Dabalee A ........ 58
Dabalee B ........ 60
Dabalee C ........ 62
Dabalee D ........ 64
Dablee E ........ 66
Dabalee F ........ 67
Dabalee G ........ 68
Dabalee H ........ 69
Dabalee I ........ 70
Dabalee J ........ 72

## Gabatee baafataa

Gabatee 1: Odeeffannoowwan Barattoota Qormaata Qoramanii....................................................27

Gabatee 2: Odeeffannoo Barsiisota Ragaa Kennanii ......................................................................28

Gabatee 3: dandeettii hiika kallattii...............................................................................................30

Gabatee 4: Dandeettii Hiika Galumsaa ..........................................................................................32

Gabatee 5 :Dandeettii Hiik-heddee Barattootaa..............................................................................36

Gabatee 6 : Dandeettii Hiika faallaa barattootaa.............................................................................38

Gabatee 7:Dandeettii barattoonni Hiika guyyuu (hiika addaa) irratti qaban ..................................39

Gabatee 8: Dogoggora dandeettii hiika kallattii irratti mul'ate.......................................................42

Gabatee 9:dogoggora dandeettii hiika galumsaa barattootaa irratti mul'ate...................................43

Gabatee 10: Deebii dandeettii hiik-heddeerratti barattoonni deebisan ............................................45

Gabatee 11[ffaa]: Dogoggora deebii barattoonni hiika faallaa............................................................46

Gabatee 12: Dogoggora deebii barattoonni hiika guyyuu irratti agarsiisan.....................................48

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Hiika jechootaa barachuun dandeettiiwwan afaanii isaan xixiqqoo keessaa isa tokkoo dha. Dandeettiiwwan afaanii qabaachuuf dursanii waa'ee hiika jechootaaf xiyyeeffannoo kennuun murteessaa dha. Sababiin isaas adeemsa waliigaltee keessatti barattoonni kaayyoo isaanii, fedhii, gochootaa fi yaada isaaniin kan wal qabatu ergaa (yaada) dabarsuuf yaalamee karaa barbaachisaa ta'een dabarsuufis ta'e ergaa fudhachuuf hiiki jechootaa gahee guddaa taphata. McCrosite, (2007), Yaada hayyuu kanaarra kan hubannu adeemsa milkaa'ina kaayyoo jechootaa keessaatti akkasumas hawwii fi raawwii guyyaa guyyaan taasifamu keessatti wal qunnamtiif kan tajaajilu hiikni jechootaa murteessaafi isa ijoo akka ta'e nu hubachiisa.

Barnoota afaanii keessaatti jechoonni milkaa'ina dandeettii barnootaa milkeessuufis ta'e kallattii gara fuula duraa kaa'uuf hiikni jechootaa meesshaa guddaa dha Harmer, (1991). Gochaa walii galtee yeroo hundumaa kan gufachiisu jechoota sirrii iddoo barbaachisaa ta'eetti fayyadamuu dhabuu dha. Kanarraas kan hubannu dandeettii hiika jechootaa malee walii galtee uumuun kan hin dandaamne ta'uu nu hubachiisa. Sababiin isaas dandeettiin hiika jechootaa meeshaa milkaa'ina waliigaltee ti. Akkasumas caasaa qooqa tokkoof hiikni jechootaa bu'uura waan hundaa ti. Kana jechuun namni tokko kallattiilee walii galtee keessatti jechoota akkaataa barbaachisaa ta'een yoo fayyadamne malee ergaa barbaachiisaa dabarsuu akka hin dandeenye nu hubachiiseera.

Tokkoo fi tokkodandeettii afaaniitiif beekumsa hiika jechootaa ta'uurraan kan ka'e dandeettii hiika jechootaa malee barnoota Afaanii guutuu gochuun hin danda'aamu. Sababiin isaas hiikni jechootaa dame afaanii qofa osoo hin taanee adeemsa baru barsiisuu kamiinuu galmaan gahuuf meeshaa dandeettiin afaanii ittiin milkaa'uu dha Nyikos (2007). Akkasumas yeroodha gara yeroottii gochoonni ilma namaa fooyyaa'aa waan deemuuf walitti dhufeenya hawaasummaa fooyy'aafi milkaa'aa akka ta'uuf hiikni jechootaa gahee guddaa qaba.

Dabalataaniis dandeettii hiika jechootaa dandeettii barattoonni barreessuufi dubbisuu irratti qaban kaayyoo barnootni afaanii qabu milkeessuuf shoora guddaa taphata. Walitti dhufeenya dandeettii hiika jechootaafi  dandeettii dubbisanii hubachuu ilaalchisee Tonjes, (1991) akka

ibsetti beekumsa hiika jechootaa dhabuun, waadubbisanii hubachuuf, waadubbisanii bashannanuuf dhiibbaa guddaa namarraan gaha. Gama biraatiinis hiikni jechootaa barachuun beektotaafi Barsiisota Afaanii biratti dandeettii afaanii gadaanaa ta'ee kan barbaaduu dha ilaalcha jedhu qabaachuun dandeettii hiika jechootaatiif xiyyeeffannoon akka hin kennamneef taasiseera. Hiikni jechootaa adeemsa barnootaa hunda keessatti fooyya'insa dame barnootaa gara biroofis ta'ee dandeettiiwwan afaaniitiif furtuufi isa murteessaa dha Harmer, (1991). Yaada kanarraa kan hubannu barnoota barattoonni daree keessatti baratanu hundumtisaa haalafi karaa sirriidhaan akka milkaa'uuf hiikni jechootaa murteessaa akka ta'e nu hubachiisa. Caasaa qooqa tokkoof hiikni jechootaa bu'uuraa waan hundaati kanarraa kan hubannu jechoota sirrii ta'aan iddoo barbaachiisaa ta'eetti yoo fayyadamne malee ergaan akka darbuuf barbaadame darbuu akka hin dandeenye agarsiisa. Yaada kana kan cimsu:-

"Qindoomina dhamsagoonnii fi birsagoonni jecha ijaaruuf taasisaniin qaamni hiika qabeessaa (meaning ful unit) tokko caasaa afaanii keessatti uumama. Inni kun sadarkaa jechaatti kan ilaalamu ta'ee jechoonni hiika dhuunfaa qaban walitti dhufuun caasaa isaaniirraa guddaa,kan gaalee fi ciroo ijaarratanii yaada salphaa fi wal xaxaa tokko dabarsu " jechuun ibsa Addunyaa, (2012:4).

Akka yaada hayyuu kanarraa hubachuun danda'aamutti ijaaramni dhamsagootaafi birsagootaa jecha ijaaruuf gumaachan caasaa afaanii keessatti kanuumamuu ta'uu hubachiisuudhaaf. Jechoonni hiika dhuunfaa qaban walitti dabalamanii jechoota gaalee fi ciroo uumuudhaan hiika salphaafi wal xaxaa ta'aan ibsu. Madaalliin mala safartuu haala raawwii dhuunfaa namni tokko barumsa ykn dandeettiiwwan tokko irratti qabu beekuuf kan gargaaruu dha Brown, (1994). Akka yaada hayyuu kanaatti yeroo adda addaafi haala adda addaatiin adeemsa seera qabeessaan gaggeeffama.Akka madaallii afaaniittii fooyya'iinsa dandeettii afaanii barattootaatu madaalama. Dandeettiin jeechootaa dandeettiiwwan jiran keessaa tokko waan ta'eef madaalamu qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Dirreen qo'annoo afaanii keessatti kanneen baay'ee barbaachisoofi murteessoo ta'an keessaa walitti dhufeenya jechootni waliin qabanuu dha. Barbaachiisummaa walitti dhufeenya hiika jeechoota ilmi namaafi walitti dhufeenya afaan waliin walitti hidhiinsa qabaachuu isaanii agarsiisa. Akkasumas hiikni jechootaa tokko hariiroo isaan hima keessatti kallattiinis ta'e al kallattiin bakka gaalumsaa irratti hundaa'uun hiika adda addaa kan kennuufi

wal fakkiis kan qabu ta'uusaa kan agarsiisuu dha Lyon, (1968). Yaada hayyuu kanarraa kanhubannu hiikni jechootaa hima keessaattis ta'e adeemsa waliin dubbii afaanii keessatti akkaataa galumsaatiinis ta'ee hiikaa kallattii ergaa nuuf dabarsanun nu tajaajilu akka ta'ee nu hubachiiseera.

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Namni tokko akka dhimma ta'e irratti qorannoo gaggeessuuf wantoonni qorataa kakaasanu nijiratu. Kanaafuu, qorannoo kana gaggeessuuf ka'umsi ani itti fayyadame muuxannoon ani mana barumsa keessatti qabu barattoonni danddeettii isaanii bifa adda addaa tiin jechoota ibsuu irratti rakkoo waan qabaniif akkasumas, barattoonni hiika jechootaa irratti sadarkaa tokkoffaadha kaasanii hiika jechootaa isaan kallattii adda addaatiin qaban jechuunis hiika wal fakkaataa (synonyms), hiika faallaa (antonyms), hiik heddee (polysem) hiika bakka galmaa, hiika bakka bu'amaa,hiika addaafi kkf irratti qabaniin maal akka fakkaatan addaan baasuuf kan yaadamee gaggeeffamee dha.

Gama biraatiin Allen, (1983:5) akka kaa'utti,"lexical problems frequently interfere with communication; communication breaks down when pupil donot use the right words" jedha. Yaada hayyuu kanarraa akka hubatamutti rakkoonhiikkaa jechoota beekuu dhabuu waliigaltee dubbiin gaggeeffamu irratti dhiibbaa uuma. Sababiin isaa jecha sirrii bakka sirriitti waan hin fayyadamneefidha. Kanaafuu, jechoota haaraa daree keessatti barsiisuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Hiika jechootaa sirriitti haalaan beekuu dadhabuurran kan ka'e waliin dubbii keessattis ta'e barreeffama keessatti ergaan sirrii hin taane tokko darbuu danda'a. Akkasumas, barataan qabxii sirrii ta'e galmeessisee kutaa irraa gara kutaa itti aanutti darbuuf dandeettii isaan hiika jechootaa irratti qaban murteessaa dha. Gama biraatiin guddina afaan tokkootiif dandeettiin jechoota Afaan tokkoo keessatti namni qabu baay'ee murteessaa ta'a. Kanneen afaanicha hin beekneefis akka isaan afaanicha beekaniif hiikni jechootaa isa duraa ti. Bu'uuruma kanaan qorannoowwan kanaan dura hojjetamanii qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qaban qorataan wal bira qabee ilaaluu danda'eera. (Allen,1983;5).

Isaan keessaa jalqaba iratti kan Haayiluu, (2010) mata duree “Qaacceessa Dhiyaannaa Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Xiyyeeffannoo Kutaa 9ffaa fi Kitaaba Wabii Furtuu Seerluga Afaan Oromoo” Muummee Afaan Oromoo Ogbaarruu fi Fookloorii Koolleejjii Namoomaa Qorannoo

Afaanotaa Yuunivarsitii Finfinneetti hojjete ilaalchisee:- kaayyoon qorannoo kanaa Haala Dhiyaannaa Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Kitaaba barataa fi kitaaba wabii Furtuu Seer Lugaa Afaan Oromoo qaacceessuu yammuu ta’u walitti dhufeenyi isaa kallattii jechootaatiin kan mul’atu dha.

Kitaabota Afaan Oromoo Barattoota Kutaa $9^{ffaa}$ fi $10^{ffaa}$ Tooftaa Ittiin Barsiifaman Waliin“jedhu Yuunivarsitii Jimmaa, Koolleejjii Saayiinsii Hawaasaafi Humaaniitii, Damee Barnootaa Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiyaate ilaalchisee kan inni irratti xiyyeeffatu haal dhiyaannaa hiika jechootaa kitaaba barataa keessatti haala kamiin dhiyaateefi tooftaa barsiisuu waliin xiinxaluu kan jedhuu dha..

Akkasumas qorannoo Sannaayit, (2012) Xiinxala Dhihaannaa Gilgaalota Hiika Jechootaa Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa $12^{ffaa}$ irratti Yuunivarsitii Jimmaa, Kooleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitii, Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiif dhiyaate yammuu ta’u; Kaayyoon qorannoo ishees Dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa $12^{ffaa}$ xiinxaluu dha.

Xumura irrattis qorannoo Abboomaa,(2015) Xiinxala dhiyaannaa jechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa $12^{ffaa}$ irratti Koolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtii Yuunivarsitii Addis Ababaa,irratti hojjete ilaalchisee Kaayyoon qorannoo isaa Haala dhiyaannaa jechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa $12^{ffaa}$ xiinxaluu kan jedhu yammuu ta’uu. Kan qorataa kanaa immoo xiinxala dandeettii hiika jechootaa barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ irratti kan xiyyeeffateedha.

Walumagalatti qoratichi qorannoowwan kanaan dura hojjetamanii mataduree isaatiin walitti dhufeenya qaban muraasa sakatta'uuf yaaleera. Haata'u malee dandeettii hiika jechootaa barattoonni qaban irratti waan hin hojjetamneef kallattii kanaan akka qorataan ilaaluuf kakaaseera. Kaayyoon qorataa qorannoo kanaas Xiinxala Dandeettii hiikaa jechootaa barattoonni mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaa kutaa 11faa fi 12ffaa qorachuun xiinxaluu dha. Kanuma bu'uureeffachuun dandeetti isaan hiika jechootaa irratti qaban murteessaa waan ta'ee argameef, xiinxala dandeettii hiikkaa jechootaa Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa sadarkaa 2ffaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa maal akka fakkaatu madaaluun ibsuudha.

Haaluma kanaan qorannoon kun deebii ni argamsiisa jedhamee kan yaadamu gaaffiilee armaan gadiif deebii xiinxaleera.

- Dandeettii hiika jechootaa barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ff}$aa akka hin gabbiffannee tasisan maal maal fa'ii?
- Rakkooleefi hanqinaa dandeettii hiika jechootaa barattoota mana barumsaa Nophaa sad.2$^{ffaa}$ Kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ maa fa'i?
- Sababoonnii ciminaafi hanqina dandeettii hiika jechoota Afaan Oromoo barattootaa mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ Kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ maali?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa dandeettii hiika jechoota barattoonni Afaan Oromoo mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ Kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ qorachuun xiinxaluu dha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Dandeettii hiika jechoota barattootni Afaan Oromoo kutaa 11$^{ffaa}$fi12$^{ffaa}$ mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ xiinxaluu.
- Rakkooleen dandeettii hiika jechootaa Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Nophaa sad.2$^{ffaa}$ kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ ifoomsuu.
- Sababoonnii hanqinaa ykn ciminaa dandeettii hiika jechootaa Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ Kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ maal akka ta'e addeessuu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon afaanii inni duraa argannoowwan haaraa qabachuu dha.Adeemsa barnoota afaanii keessattis dandeettiwwan afaanii gurguddoofi isaan xixiqqoo jiran keessaa hiikni jechaa isa tokkoo dha. Jechoonni hiika bal'aa qabu Brown, (2000).Kanaan dura yeroon hiika jechootaa baruufi barsiisuun gatii itti dhabe akka tureefi xumura jaarraa 18^ffaa^tti garuu, barnoota hiika jechootaatiif yeroo haaromsaa akka ture ibsa. Akkuma beekamu qorannoon kun kan inni irratti hojjatame barattoota kutaa 11^ffaa^ fi 12^ffaa^ irratti ta'uun isaa beekamaa dha. Haata'u malee qorannoon kun barattoota kunneenif maaliif fayyada jennee yoo ilaalle akkuma beekamu qormaata seensaa Yuunivarsitii irratti gosti barnoota Afaan Oromoo hin kennamu. Garuu hiikni jechootaa dandeettiiwwan Afaanii isaan gurguddoo akkaataa barbaadamuun akka beekaniif isa murteessaafi ijoo dha. Akkasums barattoonni kutaa 12^ffaa^ xumuranii Yuunivarsitii yammuu galanu qormaata seensaa irratti hin dhufiniyyuu malee barattoota Saayiinsii Hawaasaaf carraan barnoota Afaan Oromooo barachuun kennamuufii waan maluuf dandeettii barattoonni hiika jechootaa irrattii qabanu beekuun barattoota fayyaduu waan danda'uuf qorataan kallattii kanaan ilaaluu danda'eera. Adeemsa walii galtee keessattis walii galtee dubbii afaaniinis ta'ee barreeffamaa keessatti hiikni jechootaa bakka bu'anii hiika kennaniin itti fayyadama. Haaluma kanaan qorannoon kun faayidaalee armaan gadiitti heraman kan of keessatti haammatee dha.

- Namoota gara fuula duraatti mata duree kanaa fi kanafakkaatu irrattii qorannoo gadi fagoo gaggeessuu barbadaniif akka madda ragaatti gargaaruu danda'a.
- Kana malees barsiisotaafi barattoota mana barumsichaa barsiisaniifi barataniif dandeettii hiikkaa jechootaa barachuu keessatti akka maddaatti isaan tajaajiluu danda'a.
- Akkasumas gama biratiin dandeettii barattoonni kutaa 11^ffaa^ fi 12^ffaa^ mana barumsaa Nophaa Sadarkaa 2^ffaa^ hiika jechootaa irratti qaban sadarkaa maaliirra jira isa jedhu adda baasuun akka madda ka'uumsaatti isaa tajaajila.
- Dabalataan barattoota kutaa 11^ffaa^fi 12^ffaa^ barnoota isaanii sadarkaa 2^ffaa^ gara xumuraa irra waan jiraniif Afaan Oromoo qormaata xumura seensaa irratti haala yeroo ammaa jiruun kennamuu yoo baateyyuu barattoonni kunneen yammuu carraa Yuunivarsitii seenuu argatanitti carraa barnoota Afaan Oromoo kennamuufii waan danda'uuf kallattii kanaan isaan gargaaruu danda'a jedhamee waan amanameefidha.

**1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoo daangeessuu ilaalchisee Adunyaan (2011:56) akka ibsetti "Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis bakkaafi qabiyyeedhaan ta'a" jechuun ibsa. Yaada hayyuu kanarraa kan hubannu adeemsa qorannoo tokko bakkaafi qabiyyee isaatiin daangeeffamuu kan danda'u dha. Innis akkaataa galma gahiinsa qorannoo tokkoof haala mijatuun daangeeffamuu kan danda'u ta'uu isaati. Kanuma bu'uureeffachuun adeemsa qorannoo tokkoo keessatti mata duree qorannoo daangeessuun bu'uuruma adeemsa qorannoo waan ta'eef; qorataan mata duricha osoo hin daangeessiin osoo hojjete beekumsa barattoonni hiika jechootaa irratti qaban madaaluuf kan gargaaruu ta'uu isaa kan beeku yoo ta'eeyyuu bajata,humna namaafi yeroo irratti bu'uureeffachuun "Xiinxala dandeettii Hiikaa JechootaaAfaan Oromoo Barattoota Kutaa 11ffaafi 12ffaa Mana Barumsaa Nophaa Sadarkaa 2ffaa " irratti daangeeffamuun kan qoratamee dha.

**1.6. Haala Naannoo Mana Barumsaa Qorannichi itti gaggeeffame**

Manni Barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaa Naannoo Oromiyaa Magaalaa guddoo Oromiyaa irraa 624km, fagaattee argamti. Aanaan manni barumsaa kun keessatti argamtu; Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Biloo Nophaa magaalaa Nophaa keessatti kan argamu yammuu ta'u; Manni barumsaa kun bara 1998 magaalaa Nophaa keesstti hundeeffame.Manni barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaa madda galii biyya Alaa dhaabbata namaafi namoomaa jedhuun karaa Abbaa dhaabbatichaa Mr Kaarl jedhamuun dareen blookii 7 baruma jedhame kana keessaa hojjetamuudhaan baay'ina barattoota dhiira 50fi dhalaa 40 waliigala 90 kan eegale; yammuu ta'u, akkasumas baay'ina barsiisota dhiira 7 dhalaa 3 waliigala 10 barattoota kutaa 9ffaa qofaan adeemsi baru barsiisuu jalqabuu danda'eera. Bara 1998 dura hawaasni naannawaa sanaa barattootni isaani sadarkaa 1ffaa yammuu xumuranii jedhan magaala guddoo Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Mattuu mana barumsaa Magaalaa Mattuu sadarkaa 2ffaatti kan barachaa turan akka ta'eefi sababa fageenyaatiin wal qabatee carraa barnootaa barattoonni baay'een kan dhabaa turan akka ta'e barruu seenaa mana barumsichaa irra hubachuun danda'ameera. Manni barumsichaa yeroo ammaa kana barsiisota Dhiira 30, Dhalaa 8, Ida'ama 38 fi hojjettoota waajjiraa dhiira 5, dhalaa 2, ida'ama 7, waluma galatti hojjettoota 45 fi baay'ina barattoota yeroo ammaa manni barumsichaa simatee barsiisaa jiru kutaa 9ffaa hanga kutaa12ffaa tti dhiira 509 dhalaa 503 waliigala 1012 simatee barsiisaa kan jiru akka ta'e Dura bu'aa mana barumsichaa kan ta'an Barsiisaa Tasfaayee qorataaf ibsanirraa hubachuun danda"aameera.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qoratichi qorannoo kana yammuu gaggeesuutti hanqinaalee garagaraa isa mudataniiru. Innis kitaabolee wabii Afaan Oromootiin qophaa'aan gahaan dhabamuu .Akkasumas ragaalee adda aaddaa walitti qabachuuf hanqinni Wifa qorataa mudataniiruu.Dabalataaniis qala'insa gabaatiin wal qabatee meeshaalee isteeshinariifi k.k.f.qorataa mudataniiru.Haata'u malee qoratichi hanqinaalee kanneen isa mudataniif hanqina kitaabolee wabiifi Wifadhaaf daataa Networkii bitachuudhaan raga adda addaa hamma tokko walitti qabachuu danda'eera. Akkasumas hanqina meeshalee isteeshinariif gargaarsa gaafachuudhaan hanqinaaleef furmaata barbaaduu danda'eera. kunis qorannicha fiixaan baafachuufi dhaa.

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee dhiyaateeraa. Boqonnaa 1$^{ffaa}$ keessatti Seenduubee, ka'umsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaalee, haala waliigalaa seenduubee mana barumsaafi qindoomina qorannoo ibsuutu dhiyaate. Boqonnaa 2$^{ffaan}$ sakatta'a barruu yammuu ta'u; dandeettii hiika jechootaa Afaan Oromoo ilaalchisee yaada beektonni kennaniifi firoommii mata durichaan walitti dhiyeenya qabantu dhiyaatee jira. Boqonnaa 3$^{ffaa}$n mala qorannichaa kan ibsuu dha. As keessatti malli qorannoo iddatteessuu, Meeshaalee funaansa ragaaleefi malli qaacceessa ragaalee ibsameera. Boqonnaa 4$^{ffaa}$ n Qaacceessaafi hiika ragaalee qaacceeffameera. Xumura Boqonnaa 5$^{ffaa}$ keessatti guduunfaa, argannoofi yaadni furmaataa dhiyaatera.

# BOQONNAA LAMA : SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Maalummaa fi Daangaa Hiikaa

Afaanonni hundu jechootaafi hiika mataa isaa danda’e kan qabanu dha. Hiikni immoo moggaasa mataa isaa danda’e kan qabu dha.Yaaduma kana ilaalchisuudhaan Addunyaan (2021:105) “Akkuma afaanota biroo,sadarkaalee xinqooqni afaan Oromoo itti balballomsamu keessaa tokko hiika. Saayiinsiin waa’ee hiikaa qo’atus xiinhiika jedhama. Hikni immoo moggaasa waan tokkoof kennamuu dha” jechuun ibsa.

Yaada hayyu kanarra kan hubannu afaan tokko kan ittiin beekamuufi kan inni ittiin ibsamuu danda’u dandeettiiwwan afaanii warreen xixiqqoo keessaa hiika jechootaa akka ta’ee nu hubachiisuufiidha.Yaaduma kana Addunyaa, (2021:119)Yeroo cimsu “Jechoonni meeshaa dha. Umamaan irratti waliigalama. Qindoominni hiika isaanii garuu itti yaadamee ergicha dabarsuu akka danda’uutti dhiyaata” jechuun ibsa.

## 2.2 . Maalummaa Jechootaa

Jechoonni meeshaa dubbi ti. Wantoota keessa keenyatti nutti dhagahamu, fedhii keenya, ilaalcha keenya, gammachuu raawwii hojiwwan garagaraa ittiin ibsuuf kan dandeenyu dandeettiiwwan afaanii isaan xixiqqoo keessaa isa tokkoo dha. Akka Harmer, (1991) ibsetti jechoonni ijaarsa afaanii ykn qaama afaanini kan ijaaramuu dha.Yaada hayyuu kanarraa kan hubannu jechoonni waliin dubbii keessattiis ta’e barreeffama keessattiis bu’uura ta’uu isaanii ti. Qabiyyeen seer luuga afaan tokkoofi itti fayyadama afaaniitiif kan oolu jechoota akka ta’edha. Qabiyyeen barreeffama tokkoo kan ittiin milkaa’uu danda’u keessaa tokko filannoofi itti fayyadama jechootaatiniidha; yaada jedhu of keessaa qaba. Wasanee, (2010:72) Kuusaa jechootaa (oxford Advanced learners Dictionary) wabeeffachuun “Sound or combination of sounds that expresses ameaning and forms an independent unit of grammar or vocabulary of alanguage”jechuun ibsiti. Kana jechuun jechi wanta sagaleerraa uumamu, kan hiika qabu, kutaa seerluga afaanii ta’uu isaati.Yaada tokko bifa barruutiin barreessuuf ykn immoo akkaataa dubbii afaaniitiin qindeessanii dhiyeessuun kan danda’aamuu yaadichii akkaataa barbaadameen jechoota bu’uraa filachuun yoo danda’aameedha. Kana qofa sirnaan raawwachuun qofti gahaa miti.

Jechoota ergaa yaada dabarsuu barbaanneefi jechoota yaada keenya bakka bu’uun gahuumsa qaban filachuu qabna. Ergaa yaada sammuu keenya keessa jiru jechoota sirriidhaan gara dubbisaatti ykn dhaggeeffataattii hin geenye taanan walii galtee uumuu hin dandeenyu jechuun ibsa ደረጀ፣ (1996).

Yaada kanarraa kan hubannu namni waa yaadee ergaa dabarsuu barbaade tokko ykn immoo barruudhaan eragaa sammuu isaa keessa jiru dabarsuu barbaadu yoomessa namni dhaggeeffatu dubbisu tokkoon wal simu jecha sirriidhaan ergaa hin dabarsine taanaan ergaa sunhaalaafi akkaataa barbaadameen milkaa’uu kan hin dandeenyee ta’uu nu hubachiisa. Akkasumas hanqina rakkoo kana furuuf immoo dandeettiin hiika jechootaa barbaachisaa dha. Dandeettii hiika jechootaa jechuun immoo jechoota baay’ee qofa qofaatti beekuu (tokkoon tokkoon) hiika jechootaa kallattiin beekuurraa darbee maalummaa hiika jechootaa,amalootaafi tajaajiloota isaanii adda baasuun ijaarsa qindoomina keessaa ykn hojii isaanii hubachuu kan of keessatti haammatuu dha.Jechootni furtuu ergaa itti dabarsanii dha. Bu’uuraaleen furtuu kanneenii caalmaattii hubachaa akka deemnuufi sirnaan akka itti fayyadamnu amaloota jechootaa hubachuu nubarbaachiisa.

### 2.3. Hiika Jechootaa (Lexical meaning)

Jechoota tajaajila adda addaaf kan itti tajaajilamnu ta’uun isaa beekamaa dha. Jechoota kanneenis akkaataa tajaajila isaaniitiin ramaduun barsiisuun nidanda’aama. Yaada kanailaalchiisee:- Addunyaa, (2021:106) .

“Sadarkaan kun hiika jechoonni dhuunfaa fi walitti dhufeenyaan qaban xiinxala. Kanaafiis maleenyaawwan (approaches) garagaraatti fayyadamana. Isaan keessa muraasni; maleenyaa bakka bu’amaa xiyyeeffatu, (referentional approach), maleenyaa amala bakka bu’amaa addaan baasuu; (componential approach) fimaleenyaa walitti dhufeeya hiika jechootaa mul’isu (sense relation approach) ta’u” jechuun ibsa.

Yaada hayyuu kana yeroo ilaallu amaloota jechoonni dhuunfaafi walitti dhufeenyaan qabu kan ilaalu yoo ta’u; innis maleen jechoonni tajaajila isaanii keessatti qaban jechichaafi hiika sana kan bakka bu’u, hiika bakka bu’ameefi isa bakka bu’ame sana kan adda baasu, akkasumas tooftaa jechoonni walitti dhufeenya hiika waliin qaban agarsiisuuf akka ta’efi xiin hiikni waa’ee

hiika afaan tokkoo keessatti darbu maal akka ta'e kan qoratuu dha. Kanaafuu hiikni sirrii, hiikni dabalataa, hiikni bakka galmaa afaan tokko keessa jiru xiinxalee agarsiisuuf kan yaaluudha; yaada jedhu of keessaa qaba. Kanuma ilaalchisee Rabbirraan, (2009:51) "Jechi sagaleeelee dubbii haala hiika kennuu danda'aaniin wal faana hiiriruun kan jijjiiramu ta'ee of danda'ee dhabbachuun hiika mataa isaa kan qabuu dha" jechuun ibsa. Yaada hayyuu kana irraa kan hubannu jechoonni sagaleelee dubbiirra karaa hiika kennuu danda'aaniin kan hundeeffaman akka ta'eefi xiyyeeffannaan xiin hiika jechoota, galeewwanii fi hiika himoota keessatti argaman xiinxaluu dha. Jechoonni,gaaleefi himoonni kanneen waliin dubbataniif hiika sirrii hin kennine taanan kanneen waliin dubbii taasisan gidduu walii galtee uumuu hin danda'aan jechuun ibsu. Barbaachiisummaa qorannoon xiinhiikaa hiika jechootaa, gaaleewwaniifi himoota keessatti darbanu ergaasaa hiika sirrii isa haalaa fi akkaataa barbaadameen hubachuun akka danda'aamuuf.

Jechoonni (hiikni Jechootaa) adeemsa barnootaafi fooyya'insa afaanii keessatti furtuu akka ta'an akkasumas, fooyya'insa dandeettilee afaannii kanneen biroofis murteessoo akka ta'an beektoonni dame fooya'insa jeehootaa kan itti waliigalnidha. "Scholars in the field of vocabulary development agree that vocabulary is the key to the learning process and language development and lexical knowledge is also crucial to the development of other skills." (coombe 2011).

Yaada kanarraa akka hubatamutti, jechoonni (hiikni jechootaa) adeemsa barnoota hundaa fi fooyya'inaa damee barnootaa biroofi barnoota afaanii keessatti furtuu ta'uu irra darbee fooyya'insaa dandeettiilee afaanii kanneen biroofis murteessaa akka ta'e hima.

Akkuma kanas, (chrstain, 1988) jechoota hamma barbaachisaa ta'e dhabuun barattoonni waan jechuu barbaadan jechuun walqunnamtii (communication) sirrii ta'e akka hin taasifne godha jechuun ibsa. Kanarraa ka'uun (hiikni jechaa murteessaa ta'uu hubachuun) beektonni jechoota barsiisuufi madaaluuf xiyyeeffannoo kennan.

Jechi dhamjecha ykn dhamjechoota irraa ijaaramee unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu kan danda'uufi of danda'ee kan dhaabbatu, bakka bu'aa muuxannoo hawaasaati. (Addunyaa , 2011).

## 2. 4. Dandeetti jechootaa Madaaluu

Anderson (2005:193) akka ibsutti, kaayyoon dandeetti jechootaa madaaluu beekumsa barattoonni beekumsa haalawwan jechootaa adda addaa: hiika jecha salphaafi walmakaa (walxaxaa) hubachuu danda'an irratti xiyyeeffata jedha.

### 2.4.1. Jechoonni maal Madaalu (What Vocabulary /words /to test)

Garaagarummaan jechootaa qormaata keessatti garaagarummaa qaba. Barsiisaan barattoota jecha qoruu yoo barbaade hiika jechootaa qoruun qormaata sababa barbaaduu irra caalaa hiika waliigalaa fayyadama. Barattoonni hundi mana barumsaa walfakkaatu keessa dhufuu danda'u yookaan mana barumsaa adda addda fi qabiyyee adda addaa fedhuu danda'u. Kanaaf, qormaanni kennamuufii qabu jechoota itti fayyadaman ta'uu qaba. Jechoonni maal madaaluu akka qaban ilaalchisee,hayyoonni jechoonni madaalliif filataman qormaataa qormaatatti garaagarummaa qabaachuu akka malu, barsiisaan ga'umsa barataan barnoota daree keessaatti qabu madaaluu yoo barbaade jechoonni inni qoru qabiyyee koorsii barsiisee keessaa ba'uu akka qabu ibsu."The words and the range of words to be selected for testing purpose vary from test to test. Basically "if the teacher wants to test students' class achievement, then the words tested should obviously be drawn the ones covered in the course." (Schmitt 2000, p. 164).

Qoramaanni hiika jechootaa qoramaata ogummaati, akkasumas jechoota bal'aa ta'an kan of keessatti qabatedha. Qormaanni hiika jechootaa dirqama jechoota hedduu of keessatti qabaachuu qaba; innis fudhatamaafi dhiyeessi isaa namoota lammii garaagara, afaan dhalootaafi addaa akkasumas sadarkaa ogummaa dabalata.

### 2.4.2 . Murteewwan Madaallii Dandeettii Hiika Jechootaa

Dandeettii hiika jechootaa madaaluun murteewwan adda addaa barbaada. Isaanis: Sadarkaa jechaa moo isaa oliin akka dhiyaatu, hiika jechaa akkamii akka ta'e adda baasuu unka isaa murteessuu (sorsuu fi galmeessuuf kan mijatu) dhugumaa, baay'ina gaaffilee barbaadamu

**2.5. Hariiroo Jechaafi Hiika Gidduu Jiru**

Hiikni jechaa tokkoo kanneen biraa waliin akkamitti akka isaan wal fakkaataan barsiisuun barbaachisaa dha.Kana jechuun hariiroo jechoonni waliin qaban hedduu ta'uuyyuu kanneen muraasa haailaallu. Addunyaa, (2014:111) "Walitti dhufeenyi kun garuu bifa garagaraa qaba. Hariiroo jechootni ittiin walitti dhufaniifi addaan ba'aan keessaa muraasni masoo, faallaa, hiik heddee, walkeessa, moggoo, xigguufi kan biros kaasuun ni danda'aama" jechuun ibsa. Kunis kan nutti agarsiisu hiika jechootaa walitti dhufeenya isaaniirra kan ka'e qorachuu akka dandeenyu kan agarsiisuu dha.

**2.5.1. Hiik-Tokkee (Synonym)**

Hiik-Tokkee jechuun jechoonni hiika wal fakkaatan ykn walitti dhiyaatan waanuma tokko ibsuuf tajaajilan hiik-tokkee jedhamu. Yaada kana O'Grady (1996:234) haala armaan gadiitiin ibsa. "Synonyms are words or expressions that have the same meanings in some contexts … many linguststs believe that it would be inefficient for alanguage to have two words or phrases whose meanings are absolutely identical in all contexts and that complete synonyms is there fore, non - existent"jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti jechoonni adda addaa hiikni isaanii Baay'ee kan walitti siqu ta'ee hiik tokkee (synonyms) jedhama. Haata'u malee jechoonni hundinuu yeroo hundumaa hiika guutummaa guututti bakka walbu'an hin qaban. Jechoonni yammuu guutummaa guutuutti bakka wa bu'uu danda'aan hiik tokkee guutuu ykn sirrii jedhama. Fakkeenyaaf Barataa kamuu/ hundumaa /Arifataa/jarjaraa/ Bira/bukkeefi kkf jechuu dandeenya. Karaa biraatiin hiik tokkee itti siqaa kanneen jedhamanis jiru. Kan jechuun hiika wal fakkiitiin kanneen baay'ee walitti siqan akka jiranii dha. Fakkeenyaaf:-

Dureessa ____________________sooreessa/qabeessa

Iyyeessa ____________________ harka qalleeyyiijechuun agarsiisuun ni danda'aama. Gama biraatiin walfakkeenya jechootaa ilaalchisee: Rabbirraa (2009:60) "Wal fakkeenyi jechootaa gama biraatiin kan mul'tu yammuu ta'u yoo wal fakkeenyi guutummaa guutuu hin jirannellee amala hiika wal fakkaatuu kanneen qabanii dha" jechuun ibsa.

### 2.5.2. Hiika Fallaa (Antonyms)

Walitti dhufeenyi jechoota gidduu jiru kan isaan adda addaa taasisu yoo ta'e hariiroo hiika fallaa jedhama. Hiikni faallaa baay'ee kanneen barbaachisaa kanneen ta'aan keessaa kanneen hiika wal fakkaataa waliin walitti dhufeenya qabanii dha. Akkasumas hiknii faallaa tokko olii barreeffama keessatti baayinaan hojiirra oolu.Yaaduma kana ilaalchisee Addunyaa, (2021:112) "Kun walitti dhufeenya jechoota wa morkataa lama gidduu jiruu dha. Walitti dhufeenya jechoota kanaa bakka garagaraatti qooduun xiinxaluu dandeenya. Isaanis faallaa sadarkeessaa, (gradable antonyms), faallaa qaraa (absolute antonyms), faallaa waliinlaa (relational antonymsfi wkf ta'uu danda'u" jechuun ibsa.

#### 2.5.2.1. Faallaa Sadarkeessaa (Gradable antonyms)

Faallaan sadarkeessaa faallaa madaalchisaa dha.Kanuma ilaalchisuudhaan Aduunyaa, (2021:113) "Jechoota waliin madaaluuf tajaajilan dhiyeessuun kanatu xiqqaa, kanatu guddaafi wkf jechuun adda addummaa jiru agarsiisuu dha". Fakkeenyaaf

Dheeraa________________________ gabaabaa

Bal'aa_________________________dhiphaa

Furdaa _________________________ qal'aa

Akkuma fakkeenya armaan olii irraa agarru jechoonni dhiyaatan kamtu kamirra jechuun kanneen

ilaalamanii dha jechuun ibsa.

#### 2.5.2.2. Faallaa Qaraa (Absolute antonyms)

Faallaan qaraa immoo jechoota wantoota duuchaan faallaa ta'aan agarsiisa. Kana jechuun akkasumatti yaada isaa ilaallee kan garaagarummaa isaa dubbachuu dandeenyu jechuu dha. Kan harkaan itti buunee adda baasuu hin dandeenye yammuu ta'u; garuu kan akkasumattii ilaallee hiika faallaa isaa dubbachuu dandeenyuu dha. Fakkeenyaaf:-

Jiraa____________________du'aa

Dhiira_____________________dhalaa

Samii______________________dachee

Dukkana _____________________ ifa

Ho’aa ________________________ diilalaa’aafi kkf jechuu dandeenya Addunyaa, (2021:113) .Jechoonni xundaan dhiyaatan kunneen faallaa qaraati. Akka aadaa Oromootti jiraa miti taanaan du’aa dha jechuun ibsa.

### 2.5.2.3. Faallaa Waliinlaa (Relation antonyms)

Faallaan waliinlaa immoo wantoota waliin ilaaluun garaagarummaa isaan gidduu jiru addaan baasuu dha. Jechoonni akkasii uumama isaanirra kan waliif faallaa ta’anii dha. Fakkeenyaaf:- Abbaa warraa/ haadha warraa /Abbaa /haadha/Obboleessa/Obboleettii fi kan kana fakkaatan ta’uu danda’u. Gabaabumatti faallaa jechoonni qaban kan madaalan kan waliin ilaalanii fi kan tasuma wal hin agarre jechuun sadarkaa isaanii kaa’uu dandeenya. Kanuman walqabsiifne bu’aa qabeessummaa barreeffamootaa milkeessuuf baay’inni fakkeenyotaafi jechamootaa waliin dubbii keessatti beekamaa dha. Akkasumas hiikni faallaa barreeffamoota ogbarruu keessattis barbaachisoofi murteessoo dha. Dabalataan dubbiiwwan bashannasiisoofi malleen dubbii keessattis jechootni hiika faallaa milkaa’ina barreeffamaa keessattis ta’e waliin dubbi tokko keessatti gahee guddaa kan taphatu hiika barnoota afaanii keessattiis karaa baay’eedhaan ilaalamuu kan danda’aan ta’uu nuhubachiisuuf.

### 2.5.3. Hiik-Danee (Polysemy)

Akkuma mata duree isaa irraa hubachuun danda’aamutti hiik-danee jechuun hiik-heddee jechuu dha.Yaaduma kan ibsu Addunyaan 2021:114)”Jechi hiika tokkoo ol qabu hiik-heddee

Jedhama. Kana jechuun, unki xinqooqaa tokko muuxannoo tokko ol bakka bu’uu danda’a jeechuu

dha. Fakkeenyaaf jecha ‘nyaate’ jedhu fudhannee yoo ilaalle

Tolaan buddeena **nyaate.**

Gochi isaa garaa na**nyaate.**

Mucichii of **nyaate.**

Abdiin of**nyaate.**

Farsoon wal**nyaate.**

Bishaanichi mucaa nyaatefi kkf jechuu dandeenya Addunyaa, (2021:114) . Yaaduma kana kan cimsu Rabbirraan, (2009:60) "Jechootni hiik-heddee immoo jechoota tokkoo ol of keessaa qabanii dha" jechuun ibsa.Yaada hayyuufi fakkenya armaan oliirra kan hubannu akkaataa jechoota tokkoof adeemsa keessa akkaataa galumsa himaatiin jechumni tokko hiika adda addaa itti kennanii kan itti ilaalluu dha.

### 2.6. Gosoota Hiika Jechootaa

Jechoonni hiika kennan irratti hundaa‟uun bakka adda addaatti qoodamuu danda'u. Isaanis hiika galmee jechootaa, hiika galumsaa, hiika bakka galmaa, hiika bakka bu'amaa, hiika addaafi kkf akka ta'eedha.

#### 2.6.1. Hiika Galumsaa

Hiiki galumsaa hiika galmeen alaa hiika dhokataa kan ofirraa qabuu dha. Fakkeenyaaf jecha 'lafa' jedhu fudhannee yoo ilaalle hiikni galumsa isaa'lafa'jechuun kan irra jiraannu,kan qonnee irraa argannu akkasumas kan waabiqilchu jechuu dha. Hiikni isaa garbiraan immoo 'lafa' jechuun danda'aa, nama obsa qabu jechuu dha. Dabalataan jecha 'saree' jedhu yoo dhageeenyu sareen beelada manaa ta'uu ishee akkasumas arrabsoo yammuu ta'uu innis kan bakka hin taaneetti kan argamu ta'uu isaa nutti agarsiisuuf. Yaaduma kana kan deggaru Rabbirraan, (2009:58) "jechootni himoota adda addaa waliin bakka adda addaa galuun hiika adda addaa niqabaatu" jechuun ibsa. Fakkeenyaaf jecha Tume jedhu fudhannee yoo ilaalle:-Fakkeenyaaf Caffeen seera tume. Tolaan sangaa tume./ Caalaan buna tume./ Abdiin sibiila tume. /

#### 2.6.2. Hiika Bakka Bu'amaa

Jechootni yaada rime baatan niqabu bakka galmaatiin hiika adda addaa haaqabaataniyyuu malee hiika bu'uuraa kan waan ijaan argamuu ykn yaadaan jiru tokko qabu jechuu dha. Hiikni kunis hiika bakka bu'amaa jedhama. Bakka bu'amaa hiika kallattiis nijedhama. Fakkeenyaaf: 'Sangaa' jecha jedhu fudhannee yoo ilaalle:-Kan qonna qotu, Kan hindhalle, Kan tumame, Kan miil'a afur qabufi beelada manaa jechuu dandeenya.

### 2.6.3. Hiika Addaa

Jechoonni hiika addaa qaban kan hawaasni jiruu fi jireenya isaa keessatti akka mallattooleetti gargaaramuudhaan dhimma itti bahudha. Kanuma ilaalchisuudhaan Rabbirraa, (2009:59) "Hiikni addaa hiika haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti ilaalcha,barsiifata,duudhaa,fi mallattoo addaa isaaniin hidhata guddaa qabanirraa ka'uun jechi tokko qabaatu ykn argatu jechuu dha" jechuun ibsa.Yaada hayyuu kanarra kan hubannu kan hawaasni aadaafi barsiifata isaa keessatti waan tokko fakkiidhaanis haata'u qaamaan yammuu argu hiika itti kennuu dha kan jedhu ofkeessaa qaba. Fakkeenyaaf Sabbata waaqayyoo yammuu argu:-mallattoo nageenyaa ta'uu akkasumas, roobni darbuu isaa kan ittiin tilmaamnuu akka ta'e nutti agarsiisuuf akka ta'ee dha.

## 2.7. Sakatta'a Qornnoo Aantee

Namni qorannoo gaggeessu tokko muuxannoo isaa akka gabbisuuf qorannoowwan kanaan dura hojjetamaan garagaraa dubbisuu fi akka madda ka'uumsaatti itti gargaaramuun murteessaa fi barbaachisaadha.Kanuma bu'uureeffachuudhaan qorataan qorannoo kana gaggeessuuf qorannoowwan mata duree isaatiin walitti dhufeenya qaban sakatta'a taasiisuuf yaaleeraa. Bu'uuruma kanaan qorannoo Haayiluu, (2010) mata duree "qaacceessa dhiyaannaa hiika jechootaa Afaan Oromoo xiyyeeffannoo Kutaa 9^ffaa^ fi Kitaaba Wabii Furtuu Seerluga Afaan Oromoo Muummee Afaan Oromoo fi Ogbaarruufi Fookloorii Koolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanotaa Yuunivarsitii Finfinneetti hojjete ilaalchisee:- kaayyoon qorannoo kanaa Haala dhiyaannaa hiika jechootaa Afaan Oromoo Kitaaba barataa fi kitaaba wabii Furtuu Seer- luugaa Afaan Oromoo qaacceessuu yammuu ta'u; walitti dhufeenyi isaa kallattii jechootaatiin kan mul'atuu dha.

Dabalataan qorannoo Zaaraa, (2013) mata duree "xiinxala dhiyaannaa hiika jechootaa Kitaaba Afaan Oromoo barattoota Kutaa 9^ffaa^ fi 10^ffaa^ tooftaa ittiin barsiifaman waliin" jedhu Yuunivarsitii Jimmaa, Koolleejjii Saayiinsii Hawaasaafi Humaaniitii, Damee Barnootaa Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiif dhiyaate ilaalchisee kan inni irratti xiyyeeffatu haal dhiyaannaa hiika jechootaa kitaaba barataa keessatti haala kamiin dhiyaatee fi tooftaa barsiisuu waliin xiinxaluu kan jedhuu dha.

Akkasumas qorannoo Sannaayit, (2012) xiinxala dhihaannaa gilgaalota hiika jechootaa barnoota Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 12ffaa irratti Yuunivarsitii Jimmaa, Kooleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Humaanitii, Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu tiif dhiyaate yammuu ta'u; Kaayyoon qorannoo ishees dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa xiinxaluu kan jedhuu dha.

Xumura irrattis qorannoo Abboomaa, (2015) Xiinxala dhiyaannaa jechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa irratti Koolleejjii Namoomaa,Qo;annoo Afaanii,Jornaalizimiifi Quunnamtii Yuunivarsitii Addis Ababaa irratti hojjete ilaalchisee kaayyoon qorannoo isaa haala dhiyaannaa jechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa xiinxaluu dha. Kan qorataa kanaa immoo xiinxala dandeettii hiika jechootaa barattootaa mana barumsaa Nophaa sadarkaa2ffaakutaa 11ffaa fi 12ffaa irratti kan xiyyeeffatee dha.

**2.8. Yaaxxina Xinqooqaa**

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa dandeettii hiika jechoota barattootaa adda baasuun dhimmoota wali galtee uumuu barataatiin dalagaa daree barnootaas ta'ee kan alaa kan milkeessuu dha. Bu'uuruma kanaan yaaxxinna qorataan kun itti dhimma bahe yaaxxinna xinqooqaa hordofuudhaan.Yaaduma kana kan cimsu Addunyaan, (2011:46) "Jechoonni Afaanichaa yaasaan (byderivation),diigalaan(bycompounding),suphuun (byblending), gabaajeefi (by acronymes), wkf uumamuu danda'u. Akka yaaxxinni xiqooqaa mul'isutti, karaa fedheen uumamaniyyuu jechoonni afaan tokkoo ifa ta'uu, salphaatti fayyadamtootaan hubatamuu, dheerinaafi baay'inaan qusatamaa ta'uu akkasumas, dhaaba qabaachuu qabu. Ija kanaan yoo ilaallu jechoonni ogummaa Afaan oromoo keessaatti yeroo ammaa dhaabbileen barnootaa dhimma itti bahaa jiran maal fakkaatu?"

Yaadni kun kan inni nutti agarsiisu jechoonni Afaan Oromoo karaa adda addaa uumamuu kan danda'aniifi itti fayyadama Afaanichaa biratti sirriitti beekamuufi, hiika qabaachuu (wal quunnamtii dhugaa kan uuman) akka qaban kan namatti agarsiisuudha. Yaaxxinni xinqooqaa dandeettiwwan Afaanii isaan gurguddoofi isaan xixiqqoo addaan baasee barsiisuuf xiyyeeffannoo kan kennuu dha. Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa xiinxala dandeettii hiika jechootaa barattootni mana barumsaa Nophaa sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa qaban ilaaluu irratti waan xiyyeeffatuuf hiikni jechootaa waligalteef bu'uura waan ta'eef yaaxxinna xinqooqaa bu'uura taasisuun kan dhiyaatee dha.

Kanaafuu dandeettii hiika jechootaa barnoota afaanii keessattis gosa barnootaa garabiroofis murteessaafi isa barbaachisaa ta'uu isaairraan kan ka'e yaaxxini xinqooqaa afaan barsiisuun isa barbaachisaafi saayinsii dandeetii hiika jechootaa baay'ee murteessaa akka ta'e hubachuun qoratichi qorannoo isaa yaadxinnaa xinqooqaa hordofuudhaan gaggeesseera.

**2.9. Haala Barnoota Hiikaa Jechootaa Barattoota Kutaa 7ffaa Hangaa Kutaa 10ffaatti**

Xinxala dandeettii Afaanii gaaggeessuuf barattoonni maal baratanii ? Maal madaalamuun jiraachuu qaba.Waa'ee hiika jechootaa kana jechuuf seen duubee hiika jechootaa haala barattoonni itti barataa dhufan duubatti deebi'uun ilaaluun barbaachiisaa dha. Jechootni barattoota afaan dhalootaa barataniifis barattoonni akka hubataniifis ta'e afaan lammaffaa kanneen barataniifis akka itti tajaajilaman qaama afaanii baratamuu danda'uu dha.Afaanichaan walii galuun kan danada'aamu dandeettii hiika jechootaatiin malee seera afaanii ciminaan beekuudhaan miti.

Hiikni jechootaa malleen garagaraatiin dhiyaachuu danda'a. Tarsiimoowwan hiika jechootaa barsiisuu ilaalchisee Stahi, (1999) Tarsiimoowwan hiika jechootaa barsiisuuf gargaaraan jechoota wal qabsiisuun tarsiimoowwan hiika jechootaa barsiisuu bu'aa qabeessa kanneen tasiisan keessaa isaan barbaachisaadha jechuun ibsa. Jechoonni hiikni isaanii yeroo dheeraaf sammuu barattootaa keessa akka turuufi akkasumas wantoota adda addaan wal qabsiisanii akka yaadatanuuf yaadota walitti fiduudhaan yoo barsiifaman kan tasuma hin dagatamne dha. Kanuma Bu'uureeffachuudhaan qorataan seenduubee hiika jechootaa kan inni ilaale akka ka'uumsaatti kutaa 7$^{ffaa}$ irraa eegalanii hanga kutaa 10$^{ffaa}$tti hiika jechootaan wal qabatee maal baratuu? (maal barachaa turanii?) amma immoo barattoonni kutaa 11$^{ffaa}$ hanga kutaa 12$^{ffaa}$tti dandeettii hiika jechootaatiin maal fakkaatu? kan jedhu xiinxaluudha. Gabaabumatti mata duree kana jalatti kutaa 7$^{ffaa}$ hanga kutaa 12$^{ffaa}$tti yammuu ilaallu haalli kenniinsa qabiyyee barnootaa kutaa irraa gara kutaatti kan walitti hidhatee deemuufi haalli dhiheenya qabiyyee isaa kanaan wal fakkaatu yoo ta'u; salphachuu fi cimuun qabiyyee barnootaa garuu ulfaatinni isaa kan dabalaa deemu ta'uu qorataan sakatta'aa kitaaba barataa keessatti ilaaluuf yaaleeraa.

Fakkeenyaaf kutaa 7ffaa hanga kutaaa 10ffaatti qabiyyeewwan jechootaan walqabatan kitaaba barnoota Afaan Oromoo keesaatti kanneen barataman:-hiika kallattii, hiika alkallattii, hiika galumsaa, hiika galmee jechootaa, hiika jechoota tishoo, hiika faallaa, hiik-heddee, hiika addaa (hiika guyyuu)fi kkf akkaataa ballina qabiyyee isaanitu adda adda ta'u malee jecoota jalatti kan baratamanu ta'uu qorataan xiinxaluuf yaaleera. Bu'uuruma kanaan barattoonni kunneen qabiyyeewwan isaan hiika jechootaatiin wal qabatuu barachuu isaanii erga mirkanaa'ee booda qorataan dandeettii barattoonni kunneen hiika jechootaa irratti qaban mirkaneeffachuudhaan xiinxala dandeettii hiika jechootaa barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa qormaata qoruudhaan xiinxaluuf yaaleera.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1.Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun kan gaaggeeffame gosa qorannoo makaatiin Xiinxala dandeettii hiikkaa jechootaa barattootaa haala mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi$12^{ffaa}$ xiinxaluun ibsuu irratti kan hundaa'ee dha. Sababni qorataan gosa qorannoo makaa fayyadameef xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsaa fi jechaan waan ibsameefiidha. Yaaduma armaan olii kana kan cimsu Addunyaan (2011:60)

"Bu'aan adeemsa akkanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokko irraa guuladha. Odeeffannoo qorannoo akkamtaatiif barbaachisu malli ittiin funaanamu kan isa qorannoo ammammtaatiif funaanamurraa adda. Haallan odeeffannoo kunneenittiin qaacceeffamanis garagara. Haala kamiinuu haata'u malleen kana waliin makuun qorannoo keenya keessatti dhimma itti ba'uun mala makaa ta'a" jechuun ibsa.

Yaada kanarra kan hubannu adeemsa qorannoo keessatti milkaa'ina qorannoo tokkootiif mala qorannoo makaadhaan yoo gaggeeffame bu'aan argamu olaanaa ta'uu danda'a yaada jedhu of keessaa qaba. Sababiin isaas qorannoon makaa akkuma maqaa isaa qorannoo safarataafi qulqulleeffataa waan of keessaa qabuuf.

Qorannoon kun mala saxaxa qorannoo ibsaatiin dhiyaateera. Sababiin isaas milkaa'ina qorannoo kanaafis saxaxaafi mallii qorannichaa murteessaa dha. Yaaduma kana kan cimsu Jonasson (1996) qorannoon addeessaa mala qorannoo akkamtaafi hammamtaa of keessatti qabaachuu danda'a. Sababiin gosa qorannoo makaan akka adeemsifamu ta'eef qorannoon makaa gosoota qorannoo qulqulleeffataafi safarataa waan of keessaa qabuuf. Meeshaalee odeeffannoon ittiin sassaabame qormaatni barattootaaf mala carraatiin fi afgaaffiin barsiisotaaf mala miti carraatiin dhiyaateera. Irraawwatamni qorannoo kanaas barattoota mana barumsaa Nophaa kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ barnoota isaanii hordofaa jiran dhiira 214, dhalaa 208, ida'aama 422 keessaa dhiira 34, dhalaa 34, ida'aama 68 mala iddattoo carraattiin kan gaggeeffamee dha. Bu'uruma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii hiika jechoota barattoonni mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ qorachuun xiinxaluun irratti waan xiyyeeffateef; akaakuu

qorannoo ibsaatti dhimma baheera. Adeemsa qorannoo kanaa keessatti kaayyoo barbaadame kan galma gahaame odeeffannoo walitti qabameen xiinxalameera.

### 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qrannoon kun kan irratti gaggeeffame barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ barnoota isaanii bara 2014tti hordofaa jiran Dhiira 214, Dhalaa 208, Ida'ama 422 keessaa sababa hanqina yeroo irratti bu'uureeffachuudhaan dhiira 34, dhalaa 34, walitti 68f mala iddattoo carraatiin mata duree Xiinxala Dandeettii Hiikaa Jechootaa Barattoota Afaan Oromoo Kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ irrattii kan gaggeeffamee dha. Sababni isaas barattoonni kutaa $11^{ffaa}$ fi kutaa $12^{ffaa}$ barnoota isaanii sadarkaa $2^{ffaa}$ xumuraa waan jiraniif gosti barnoota Afaan Oromoo qormaata seensaa Yuunivarsitii kutaa $12^{ffaa}$ irratti dhufuu yoo dhabaateyyuu, yammuu qabxii seensaa fidanii gara Yuunivarsitii seenan muummee barnoota Afaan Oromoo seenanii carraa barachuu argachuu waan danda'aaniif kallattii kanaan hiika jechootaa irratti maal akka isaan fakkaatan akkasumas mata-duricha irratti xiyyeeffachuun dandeettii hiikaa jechoota barattootatni kunneen qaban ifa baasuun agarsiisuuf kan gaggeeffamee dha.

### 3.3. Madda Ragaalee

Qorataan qorannicha gaggeessuuf madda ragaa qindeessuun barbaachiisaa akka ta'e hubateera. Milkaa'ina qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorataan madda raga $1^{ffaa}$ barattootaa fi barsiisotatti dhimma kan bahe yammuu ta'uu, Kaayyoon qorannoo kanaas Xiinxala dandeettii Hiikaa Jechoota Barattootaa Haala Mana Barumsaa Nophaa Sadarkaa $2^{ffaa}$ Kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ Xiinxaluu waan ta'eef; Kunis barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ barnoota isaanii bara 2014tti hordofaa jiran dhiira 214, dhalaa 208 Ida'aama 422 keessaa sababa hanqinaa humna namaafi yeroo irraa kan ka'e dhiira 34, dhalaa 34 Ida'aama 68f mala iddattoo carraatiin qormaanni qophaa'ee kennameeraaf. Akkasumas af gaaffiin barsiisota afaanii mana barumsichaa keessaa dhiira 2,dhalaa 3 waliigala 5f malamiti carraa akkayyootiin afgaaffiin dhiyaateeraaf. Hirmaattoonni qorannoo kanaa akka kaayyoo qorannichaatti qorataan kan filatamaniif gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaas deebii qorannichaaf deebisaniiru.

### 3.4.Iddattoo fi Iddattteessuu

Adeemsa qorannoo keessatti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo sassaabuun sababa bajataa fi humna namaa rakkisaa waan ta'uuf;sababa kana irraa kan ka'e qoratichi barattoota kutaa 11^ffaa^ fi 12^ffaa^ dhiira 214, dhalaa208, Ida'aama 422 keessaa dhiira 34, dhalaa 34, waliigala 68 irratti kan gaggeeffameedha. Xiinxala Dandeettii Hiika Jechoota Barattootaa Afaan Oromoo: Haala Mana Barumsaa Nophaa Sadarkaa 2^ffaa^ Kutaa 11^ffaa^ fi 12^ffaa^xiinxaluu waan ta'eef qorannoo kun Qoratichi milkaa'ina qorannichaaf meeshaalee sassaabbii ragaalee keessaa kan qormaataatiif mala iddattoo carraa yammuu ta'uu kana afgaaffiitiif immoo mala iddattoo miti carraa gargaarameera.

### 3.5.Meeshaalee Funaansa Ragaa

Milkaa'ina qorannoo kanaa galmaan gahuuf madda raga jalqabaa qoratichi itti gargaarame qormaata barattoota qoruufi afgaaffii barsiisotaaf dhiyeessuudhaanidha. Adeemsa bu'aa bahii qornnichaa milkeessuuf waan barbaadame galmaan gahuuf ragaalee funaanuun dhimma isa ijoo dha. Akkasumas meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaanamu hedduu dha. Qorataan qorannichaas milkaa'ina qorannichaaf qormaataa fi afgaaffiitti dhimma bahuun qorannicha milkeessuuf kan gaggeessee yammuu ta'uu; Sababiin meehaaleen ragaa ittiin funaanaman keessaa qormaanni filatameef qorannichi kan xiyyeeffatu dandeettii barattootaa madaaluu dha waan ta'eefii dha. Meeshaan raga inni lammaffaa jechuunis sababa inni filatameef qorannichi dandeettii irratti haa xiyyeeffatuyyuu malee waa'ee dandeettii barattoota qorannichi irratti gaggeeffamuu kanneenii itti dhyeenyaan waa'ee odeeffannoo isaanii nibeeku jedhamee waaan yaadameefiidha. Kanaaf afgaaffii barsiisotaa filachuu danda'eera.

#### 3.5.1.Qormaata

Qormaatni meeshaalee odeeffannoo ittiin sassaabaman keessaa isa tokkoodha. Akkasumas akkuma maqaa isaa qormaatni meeshaa dandeettii namaa ittiin safaruuf namagargaaran keessaa isa tokkoo akka ta'eefi dabalataanis carraa yeroo tokkoo qofa keessatti kan deebiin kennamee dhaabbatuudha. Haalli kennisa qormaataa ilaalchisee qormaanni marsaa lamaan kennameera. Qormaata isa marsaa 1^ffaa^ qoramanii bulti 14 booda isa lammaffaa immoo tiitooriyaalii guyyoota sadiif kennuudhaan isaan booda qormaatni inni marsaa 2^ffaa^ kennameeraaf. Qorannoo kana keesssatti odeeffannoo meeshaa qormaataatiin mata duree xiinxala dandeettii hiika jechoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 11^ffaa^ fi 12^ffaa^ mana barumsaa Nophaa Sadarkaa 2^ffaa^ yoo ta'u;

qorataan qorannichaa gaaffilee bu'uuraa qorannichaaf deebii argamsiisa jedhee xiinxale isa $1^{ffaa}$ jechuunis dandeettii hiika jechootaa barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ sadarkaa maalii irra jira? Isa jedhuufi gaaffii qorannoo isa $2^{ffaa}$ Ciminaa fi hanqinaa dandeettii hiika jechoota barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ maal fa'i? gaaffilee jedhaniif deebii argamsiiseera. Baay'ina barattoota kutaa $11^{ffaa}$fi$12^{ffaa}$ barnoota isaanii bara 2014tti barnoota isaanii hordofaa turan Dhiira 214, Dhalaa.208, Ida'aama 422 keessaa qormaataaf kan dhiyaatan dhiira 34 dhalaa 34 ida'aama 68 kan ta'aan irraa mala crraatiin qormaanni marsaa lamaan qabiyyee adda addaarrtti qophaa'ee barattotni kanneen qoramaniiru. Haalli qophii qormaatichaas mata duree dandeettii hiikkaa jechootaatiin qabiyyeewwan garagaraarrtti qormaata qophaa'e qulqullummaan qormaatichaa gorsaan ilaalamee qoramaniiru. Qorataan qormaaticha kitaaba barataa kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ keessaa baasuudhaan akkasumas isuma qabiyyee kitaaba keessaatiin wal fakkaatu beekumsa walii galaa keessaas muraasa itti dabaluun qopheessuun danda'ameera. Akkasumas qormaata marsaa jalqabaa barattoonni qophaa'uu fi dhiisuun isaanii osoo addaan hin bahiin jechuunis osoo itti hin himamiin kan qoraman yammuu ta'u garaagarummaa guyyoota kudha afur booda qormaanni jiraachuu isaa itti himuudhaan qophii barbaachisaa erga taasisanii booda qormaanni marsaa $2^{ffaa}$ kennameera. Qormaata barattoonni qoraman kanas furtuu deebii itti baasuudhaan qormaata marsaa lamaanu koree qormaata mana barumsichaatiin sororamuudhaan erga xumurame booda qorataan boqonnaa $4^{ffaa}$ keessatti xiinxaleera. Haftee qormaatichaatiif dabalee A,B,C,D,furtuu qormaataa immoo dabalee E,F,G,H ilaaluun nidanda'aama.

### 3.5.2. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee odeeffannoo ittiin sassaabaman keessaa isa tokkoo dha. Innis kan qorataafi nama odeeffannoo kennu jedhamanii iddatteessaman waliin fuulaafi fuulatti ta'aanii bifa gaaffiifi deebii afaaniitiin gaggeeffamuuf kan qorataan odeeffannoo itti sassaabbachuuf dhimma itti bahee dha. Kanuma ilaalchisee Dastaan (2002:103) Yaalew (2006) wabeeffachuun yoo ibsu "Afgaaffiin yeroo barbaadee fooyya'uu akka danda'uufii yeroo af-gaaffiin odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii namoota raga himanii irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayiidaa cimaa qaba" jechuun ibsa.

Yaada kana irraa kana hubannu namni afgaaffiidhaan odeeffannoo qorataaf kennu yoo kan dogoggora deebisa ta'eellee keessa deebi'uudhaan yaada isaa kan nuuf sirreessu ta'uu nu hubachiisuuf. Yaaduma kana kan cimsu Filee,(2019:72) "Afgaaffiin caaseffamaa (structured interview) afgaaffilee qorannoo duraan dursa itti karoorfamee qophaa'e gaafatamtoota dhuunfaaf dhiyaatu yammuu tahu, gaaffileen kunniinis kallattii mata duree irrattii xiyyeeffatanii gaaffilee bu'uuraa deebisuudhaaf kanneen qophaa'anidha."

Yaadni kun kan nutti agarsiisu qorataan qorannoo isaa naaf deebisu jedhee dursee af gaaffii gaafatamtootaaf qopheesse dhiyeessu akka ta'e nama hubachiisa. Qorannoo kana keessaatti odeeffannoo meeshaa afgaaffiitiin mata duree Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 11^ffaa fi 12^ffaa Mana Barumsaa Nophaa Sadarkaa 2^ffaa yoo ta'u qorataan qorannichaas barsiisota Afaanii dhimmichi niilaallata jedhee amane barsiisota kutaa11^ffaa fi 12^ffaa Afaan Oromoo barsiisan Baay'ina barsiisota Dhiira2, Dhalaa 3,Ida'aama 5 af gaaffiin mala miti carraa akkayyootiin dhiyaatee gaggeeffameera. Qorataan qorannichaa gaaffilee bu'uuraa qorannicchaaf deebii argamsiisa jedhee xiinxale gaaffilee bu'uuraa qorannichaa isa 3^ffaa jechuunis Sababnii hanqinaaykn ciminaa dandeettii hiikaa jechootaa barattoota kutaa 11^ffaa fi 12^ffaa maalii? isajedhuuf deebii kan argamsiise akka ta'e qorataan xiinxala boqonnaa 4^ffaa keessatti kan xiinxalee akka ta'e ilaaluun ni danda'ama.

**3.6. Mala Qinda'ina OdeeffannooFi Tooftaa Xiinxala Ragaalee**

Odeeffannoon qorannoo kanaa karaa qormaata barattootaafi afgaaffii barsiisotaatiin funaanameera. Qormaata sadarkaa isaa eeggateefi qajeelfama guutuu qabu marsaa lamaan qophaa'ee inni marsaa jalqabaa kennamee isa marsaa lammaffaatiif tiitooriyaaliin guyyoota sadiif kennamee; guyyaa kudha-afur booda inni marsaa lammaffaa qabiyyee garabiraadhaan qophaa'ee kennameera. Innis qormaata isa jalqabaa erga kennamee xiinxalamee booda qormaatni jiraachuun itti himamee akka isaan qophaanuu erga taasifamee booda qormaata qabiyyee adda addaa keessaa bahaniin qormaanni marsaa 2^ffaa kennameeraaf. Erga qormaanni kennamee koree qormaatatiin soraramee booda firiin isaa xiinxalamee akkasumas meeshaa sassaabbii ragaalee isa lammaffaatiin barsiisota dhiira 2, fi dhalaa 3 ida'aama 5f afgaaffiin dhiyaate xiinxalaameeraa. Qorataan ragaalee haala kanaan walitti qabemala xiinxala raga makaatiin gargaaramee xiinxaleera. Kana jechuun kan meeshaa af-gaaffiitiin walitti qabate qulqulleeffataan, kan qormaataan walitti qabame immoo safarataa gargaaramee xiinxalee jira.

Akkasumas xumura xiinxala argame irraa argannoo baasuudhaan goolabafi yaada furmaataatiin xumuree jira. xiinxalaameeraa. Qorataan ragaalee haala kanaan walitti qabemala xiinxala raga makaatiin gargaaramee xiinxaleera. Kana jechuun kan meeshaa af-gaaffiitiin walitti qabate qulqulleeffataan, kan qormaataan walitti qabame immoo safarataa gargaaramee xiinxalee jira. Akkasumas xumura xiinxala argame irraa argannoo baasuudhaan goolabafi yaada furmaataatiin xumuree jira.

# BOQONNAA AFUR: XIIXALA FI IBSA RAGAALEE

## 4.1. Seen Duubee Ragaa Kennitootaa

Odeeffannoo barattoota kutaa 11ffaa, 12ffaa fi barsiisota mana barumsaa Nophaa Sadarkaa 2ffaa madda ragaalee ta'aanii qorataaf odeeffannoo kennan akka itti aanutti qindaa'ee dhiyaateera.

Gabatee 1: Odeeffannoowwan Barattoota Qormaata Qoramanii

| Kutaa | Barattoota galmaa'anii barachaa jiran | | | Baay'ina barattoota Iddattoodhaaf filatamanii | | | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Dhiira | Dhalaa | Ida'ma | Dhiira | Dhala | Ida'ma | |
| 11ffaa | 111 | 108 | 219 | 18 | 16 | 34 | |
| 12ffaa | 103 | 100 | 203 | 16 | 18 | 34 | |
| | 214 | 208 | 422 | 34 | 34 | 68 | |

Ibsa gabatee 1ffaa ilaachisee odeeffannoo barattoota iddattoodhaaf filatamanii bu'uura qorannoo kanaa milkeessuuf qormaata qoraman ilaalchisee akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'aamutti barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaa bara 2014tti barnoota isaanii hordofaa jiran keessaa kutaa 11ffaa barachuuf galmaa'aan dhiira 111 dhalaa 108 ida'ama 219 keessaa dhiira 18 (16.2%) dhalaa 16 (14.8%) walitti 34 (15.5%) qormaata qoramanii ragaan irraa sassaabameera.Haaluma kana fakkaatuun kutaa 12ffaa dhiira 103 dhalaa 100 ida'ama 203 keessaa dhiira 16 (15.5%) dhalaa 18(18%) waligala 34 (16.7%) yoo ta'uu walumagalatti kutaa 11ffaa fi12ffaa dhiira 214 dhalaa 208 ida'ama 422 galma'an keessaa dhiira 34 (15.8%) dhalaa 34 (16.3%) ida''ama 68 (16.1%) irraa bu'uuruma meeshaalee sassabbii ragaaleetiin qormaanni sadarkaa isaa eeggate qabiyyee adda addaarrati qormaanni marsaa lamaan qophaa'ee dhiyyaateeraa kanaafuu rakkoon hiika jechoota barattootaa akka mula.atu taasifameeraa.

**Gabatee 2: Odeeffannoo Barsiisota Ragaa Kennanii**

| Saala | Baay'ina | Umurii Barsiisotaa | | | | Gosa barnoota | Sadarkaa Barnootaa | | | Tajaajila hojiirraa | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 30-35 | 36- 45 | 46-50 | 50 ol | Afaan Oromoo | Dip | Dig | MA | 1-10 | 11-19 | 20 ol |
| Dhiira | 2 | | 2 | | | Afaan Oromoo | | 1 | 1 | | 2 | |
| Dhalaa | 3 | | 3 | | | Afaan Oromoo | | 2 | 1 | | 3 | |
| Ida'ma | 5 | | 5 | | | Afaan Oromoo | | 3 | 2 | | 5 | |

Gabatee 2ffaan barssiisota Afaan Oromoo barsiisanii ilaalchisee akkuma ibsa gabatee kanarraa hubachuun danda'aamutti Barsiisonni odeeffannoo qorataadhaaf kennan Dhiira 2fi Dhalaa 3 ida'aama 5 yammuu ta'an isaan keessaa Dhiirri 1 fi Dhalaan 1 walitti 2 MA gosa barnoota Afaan Oromoo yammuuta'aan; Dhiira 1 fi Dhalaa 2 walitti 3 BA Digirii Afaan Oromoo akka ta‟aan hubachuun danda'aameera.

**4.2. Xiinxala Dandeettii Hiikajechootaa Barattootaa.**

Mata duree kana jalatti qoratichi ragaalee (odeeffannoowwan) qormaata barattoota mana marumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ marsaa lamaan qopheessee qoreera. Qormaatani kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ marsaa $1^{ffaa}$ qajeelfama 5 kan qabuufi baay'inni gaaffilee 20 yammuu ta'uu, kan marsaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ gaaffii 16dha. Haalli kenninsa qormaatichaas gaaffiin qofa qofaatti qophaa'ee akka barattoonni deebii wal irraa hin garagalchine walkeessa makuudhaan marsaa lamaanuu garaagarummaa guyyaa 14tiin muummee Afaanii mana barumsichaatiin qoramaniiru. Akkasumas af-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate 5 gaaffii banamoofi cufamoodhaan dhiyaatee ragaan barattoota irraa argame mala qorannoo hammamtaa ykn lakkoofsaan ibsuu fi kanneen gaaffilee banaafi cufamoo ta'aniin immoo mala qorannoo akkamtaatiin qorataan qorannichaa qoratee xiinxaleera.

### 4.2.1. Dandeettii Hiika Kallattii Barattootaa

Mata duree rakkoo dandeettii hiika kallattii barattootaa ilaalchisee barattoota kutaa 11ffaa fi12ffaadhaaf gaaffilee hiika kallattiitiin wal qabatan kutaa lamaanifuu gaaffiin saddet, saddeet qophaa'eera. Innis qajeelfama jechoota himoota keessatti gurraacha'anii barreeffamaniif hiika kallattiiisaanii barreessi kan jedhu ture. Fakkeenyaaf gaaffiin 1ffaan dhukkubni kaansarii qoomaa namaajjeesa; kan jedhu ture. Kanaafis deebiin isaa battalatti kan jedhu; isaan immoo kallattii jechuun deebisan. Gaaffii isa 2ffaa Obboleessi Abbaa koo inni hangafti qancara. Gaaffii jedhuuf immoo deebiin sirriin gamaareessa kan ta'uu qabu barattoonni immoo furdaa jechuun deebi kennan. Gaaffii 3ffaan immoo Namichi niitii isaa irraa miliquu barbaada. Kan deebii ta'uu qabu dhokachuu yammuu ta'uu; kan barattoonni guutan immoo mul'achuu kan jedhuu dha. Gaaffii 3ffaan Tolaan kee warra maatii isaa irraa hiixuu dha. Kan deebii ta'uu qabu fagoo yammu ta'uu kan isaan guutanis fagoo kan jedhuu dha. Haaluma kanaanyoo gaaffii hund ilaaluu baannees muraasa isaa haala kanaan ilaalamaniiru.

Hiika kallattii ilaalchisee jechoonni guutummaa guutuutti wal fakkaatan (bakka wal bu'an) hin argaman. Sababiin isaas jechoonni hiikaan wal fakkaachuu malee yoomessa kamiinuu keessatti jechi tokko bakka bu'aa jecha isa biroo miti (Allen,1983). Akkuma yaada kana irraa kan hubannu jechoonni hamma tokko amala ykn (haala) ittiin wal fakkaatanuuf ittiin gargar taanu qabu yaada jedhu of keessaa qaba. Barattoonni sadarkaa barnoota isaanii ol guddisaa yammuu adeemanu jechoota sammuu isaaniitti qabatanii kan ol kaawwatan gama hiika kallattiitiindha. Haaluma kanaan sadarkaa giddu galeessaafi sadarkaa olaanoo irra osoo jiranii jechoota hiika kallattii isaaniitiin hiikkaa isaa hubachuun akka danda'aamu isaan taasisa Mc Carthy, (1990). Akkuma raawwii qormaata barattootaa qabatamaan armaan gadiittii ilaaluun danda'aamutti dandeettii hiik kallattii barattootaa ilaalchisee hiika kallattiitiif kan kutaa 11ffaa gaaffiin gaafataman 8 keessaa deebii 3 qofa kan deebisan yammuu ta'uu, kan kutaa 12ffaa immoo gaaffii 8 gaafataman keessaa 3 qofa kan deebisanii dha. Sababni isaas akkuma yaada qormaatichaa irraa hubatamuutti gama tokkoon hiikuma kaallattii dadhabuu (wallaaluu) yammuu ta'uu, gama biraatiin immoo hiika faallaa fi hiika kallattii wal keessa fuuchuutu isaan irraa mul'ata. Bu'uuruma kanaan qabxii isaan argatan gara dhibbaattideebisuun qaacceessa armaan gadii ilaaluun ni danda'aama.

**Gabatee 3: dandeettii hiika kallattii**

| | Kutaa | 50 gadi kan fidan | | | 50-74 kan fidan | | | 75-89 | | | 90 fi isaa ol | | | Ida’ama | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ |
| Marsa $1^{ffaa}$ | $11^{ffaa}$ | 16 | 11 | 27 | 0 | 4 | 4 | 2 | 1 | 3 | 0 | 1 | 1 | 18 | 16 | 34 |
| | $12^{ffaa}$ | 15 | 16 | 31 | 1 | 2 | 3 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 16 | 18 | 34 |
| | Ida’ | 31 | 27 | 58 | 1 | 6 | 7 | 2 | 1 | 3 | 0 | 1 | 1 | 34 | 34 | 68 |

Gabatee $3^{ffaa}$ armaan olirraa akka hubachuun danda’aamutti dandeettii hiika kallattii barattoota daataan isaanii armaan oliitti ibsaman kan agarsiisu qormaata marsaa $1^{ffaa}$ kan qoraman kutaa $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$ keessaa kutaa $11^{ffaa}$n, dhiira 18 qormaata fudhatan keessaa barattoonni dhiira 16 (88.8%), 16 keessaa 16 (100%) walitti 34 keessaa27 (79.4%) kan ta’an 50 gadii kan fidan yoo ta‘‘u; kutaa $12^{ffaa}$ dhiira 16 keessaa 15 (93.8%), dhalaan 18 keessaa 16 (88.9%), walitti 31 (91.2%) kan ta’an 50 gadi kan fidanii fi Walumagalatti kutaa $11^{ffaa}$ fi$12^{ffaa}$ keessaa dhiira34 keessaa 31 (91.1%), dhalaa 34 keessaa 27 (79.4%), walitti barattoonni 68 keessaa 58 (85.29%) kan ta’an 50 gadi kan fidanii dha. Dabalataan 50-74 kan fidan dhiira 18 keessaa (0%), dhalaa16 keessaa 4 (25%), walitti 34 keessaa 4 (11.7%) kutaa $12^{ffaa}$ keessaa dhiira 1 (6.3%), dhalaa2 (11.1%), walitti 3(8.8%), wali gala kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ keessaa dhiira 34 keessaa 1 (2.9%), dhalaa 34 keessaa 6(17.6%), walitti 68 keessaa 7 (10.2%) kan fidanii dha.

Akkasumas 75-89 keessa kan fidan kutaa $11^{ffaa}$keessaa dhiira 18 keessaa 2 (11.1%), dhalaa 16 keessaa 1 (6.2%), waliti 34 keessaa 3 (8.8%), kan fidan yammuu ta’u; barattoota kutaa $12^{ffaa}$ keessaa 75-89 kan fidan dhiirrii fi dhalaan (%0) akka ta’ee fi waligalaa kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ dhiira34 keessaa 2 (5.8%), dhalaa 34 keessaa 1 (2.9%), waligala barattoota 68 qormaata fudhatan keessaa 3 (4.4%) akka ta’e hubatameera.Gamabiraatiin hiika kallattii ilaalchisee Avireejii 90 fi isaa ol kan fidan dhiira 18 qormaata fudhatan (%0) dhalaa 16 keesssaa 1 (6.2), kutaa $12^{ffaa}$ dhiiraa 34 keessaa (0%) fi dhalaa 16 keessaa (0%) akkasumas barattoota 18 keessaa (0%) dha. Waligala barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ dhiira 34 keessaa (0%), dhalaa 34 keessaa 1 (2.9%) walitti barattoota 68 keessaa 1 (1.4%), 90 fi isaa ol kan fidan akka ta’e xiinxala kana irraa hubatameera.

Akka walii galaatti barattoota qormaata fudhatanii 50 gadi fidan dhiira 34 keessaa31 (91.1%),dhalaa 34 qormaata fudhatan keessaa 27 (79.4%) walitti 68 keessaa 58 (89.2%) kan ta'aaniidha. Akkasumas barattoota qormaata qoramani 50 fi isaa ol kan fidan dhiira 34 keessaa 3 (8.8%), dhalaa 34 keessaa 7 (20.5%) walitti barattoota 68 keessaa 10 (14.7%) dha.Kanarras kan hubannu dandeettii barattoonni hiika kallattii irratti qabanu gadi bu'aa akka ta'e qaaccessa kanarraa hubachuun danda'ameera. Dandeettii hiika jechootaa; hiika kallattii barattoota kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ ilaalchisee Jechoonni hiika kallattii ykn masoo keessatti jechoota hiikaan wal fakkataan jechoota wal fakkii jedhamu. Jechootaa haaraa barsiisuu keessatti tooftaa hiika kallattiitiin (wal fakkaataatiin) fayyadamuun mala barattoonni bifa si'ayinaan barsiisuutiin akka isaan hiika kallattii qabatan kan taasisuu dha.Yaada kana kan cimsu Wallace, (1982) Hiikaa kallattii barattoota sirritti qabsiisuu yoo barbaanne jechootaa haaraa fi kanneen hiikaan walitti dhiyaatan kan barsiifamu yoo ta'e baayyee gaariidha yaada jedhu of keessaa qaba. Qaaccessa qormaata barattootaa hiika kallattii irraa argame yammuu ilaallu barattoonni hiika kallattiitiin qabxii gadi aanaa kan fidan akka ta'e xiinxala qormaataa barattootaa irraa hubachuun danda'aameera.

**4.2.2. Dandeettii Hiika Galumsaa**

Jechoonni hiika galumsa isaaniitiin hiika garagaraa qabaachuu kan danda'anii dha. Hiikni isaaniis kan argamu waliin dubbiifi ergaa barreeffamaa keessattidha. Adeemsi akkasi kunis muuxannoo namoonni ykn barattoonni duraan qabaniin akka wal bira qabanii ilaalaniif kan gargaaruu dha.Yaada kana hayyoonni Atkinsfi J.etal, (1996) akkas jechuun deggaru."It is believed to be valuable to present and practice anew vocabulary item in aclear oral written context. this helps the students to relate the new item to his/her prior knowledge in amemorable ways and thus helps to make it's meaning clear."

Yaada kana irraa hubachuun akkuma danda'aamu barsiisonni jechoota akkaataa haala galumsaa isaaniitiin barsiisuuf caasaa jechoota wal xaxaafi kaaneen haaraa ta'an fayyadamuu hin qaban. Kunis kan ta'eef jechoonni hima keessaa galuun hiikaa garagaraa kennuu waan danda'aaniif dha. Xiinxala raawwii qormaata barattoonni hiika galumsaa irratti armaan oliitti agarsiisankankutaa 11$^{ffaa}$ gaaffii gaafataman 7 keessaa 2 kan deebisan yammuu ta'uu, kan kutaa12$^{ffaa}$ gaaffii gaafataman 7 keessaa 2 kan deebisaniidha.

Akkataan dogoggora isaanis akkaataagalumsaatiin gaafatamanii hiika kallattii deebisuu, jechii akkaataa inni itti hima keessa galee hiika kennuu danda’uun hima ijaarii kan jedhamaniif immoo hiika kallattii deebisuu isaanii hubachuun Danda’ameera. Xiinxala raawwii dhibba keessaa kan xiinxalamees gabatee armaan gadiitti dhiyaateera.

**Gabatee 4: Dandeettii Hiika Galumsaa**

| | Kut Aa | 50 gadikan fidan | | | 50-74 kan fidan | | | 75-89 | | | 90 fi isaa ol | | | Ida‟ama | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. i | Dha. | Ida’. | Dhi. | Dha. | Ida’ |
| Marsa $1^{ffaa}$ | $11^{ffaa}$ | 2 | 2 | 4 | 7 | 9 | 16 | 5 | 5 | 10 | 4 | 0 | 4 | 18 | 16 | 34 |
| | $12^{ffaa}$ | 1 | 4 | 5 | 8 | 2 | 10 | 2 | 1 | 3 | 5 | 11 | 16 | 16 | 18 | 34 |
| | Ida’ | 3 | 6 | 9 | 15 | 11 | 26 | 7 | 6 | 13 | 9 | 11 | 20 | 34 | 34 | 68 |

Gabatee $4^{ffaa}$ ilaalchisee barattoota qormaata fudhatan kutaa $11^{ffaa}$ dhiira 18 keessaa 2(11.1%) fi dhalaa 16 keessaa 2 (12.5%) walitti 4 (11.7%) kan ta’aan 50 gadi kan fidaniifi Kutaa 12 qormaata fudhatan dhiira 16 keessaa 1(6.2%) dhalaa 18 keessaa 4(22.2%) walitti barattoota34 keessaa 5 (14.7%) kan ta’an yammuu ta’u; waliigalaa barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi$12^{ffaa}$ qormaata fudhatan dhiira 34 keessaa 3 (8.8%) dhalaan 6 (17.6%) walitti 9 (13.2%) kanta’an50 gadi kan fidan akka ta’ee qorataan hubachuuf yaaleera. Akkasumas 50-74 kan fidan kutaa $11^{ffaa}$ keessaa dhiira 7(38.89%) dhalaa 9 (56.3%) walitti 16(47%) fi kutaa $12^{ffaa}$ keessaa dhiira 8 (50%) dhalaa 2 (11.11%) walitti 10(29.4%) yammuu ta’u waligala kutaa $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$ keessaa dhiirri 15(44.1%) dhalaa 11(32.3%) walitti 26 (38.2%) kan ta’aanii dha.

Akkasumas 75 -89 kan fidan ilaalchisee kutaa 11ffaa keessaa dhiira 5(28%) dhalaa 5 (31.2%) walitti 10 (29.4%) fi kutaa 12ffaa keessaa dhiira 2(13%) dhalaa 1(5.6%) walitti 3(8.8%) waligala kutaa 11ffaa fi 12ffaa qoraman keessaa dhiira 7(21%) fi dhalaa 6(17.6%) walitti 13(191%) kan ta'aanii dha. Gama biraatiin 90 fi isaa ol kan fidan kutaa 11ffaa keessaa dhiira 4(22%) dhalaan 90 ol kan fidan kan hin jirre yoo ta'u, walitti 4(12%) fi kutaa 12ffaa keessa dhiira 5(31%) dhalaa 11(61%) walitti 16(47%) kan fidan yoo ta'u; walumagalatti kutaa 11ffaa fi 12ffaa qoraman keessaa dhiira 9(26%) dhalaa 11(32%) walitti 20(29%) kan fidan akka ta'e ilaalameera. Walumaa galatti hiika galumsaa ilaalchisee barattoota kutaa 11ffaa fi 12ffaa akka waliigalaatti kan qormaata fudhatan dhiira 34 keessaa 3(8.8%), dhalaa 34 keessaa 6(17.6%) waliigalaa 68 keessaa 9(13.2%) 50 gadi kan fidan yoo ta'uu; barattoota dhiira 34keessaa 31 (91.2%), dhalaa 34 keessaa 28 (82.3%), walitti brattoota 68 qormaata fudhatan 59(86.7%) 50 fi isaa olii dha;

akkasumas hiika kallattii fi hiika galumsaa yoo wal bira qabnee yoo ilaalle kufaatiidhaan hiiki kallattii 44.2% 'n hiika galumsaa gadi akka ta'e qorataan hubachuuf yaaleera. Dimshaasumatti dandeettii barattoonni hiika kallattii fi hiika galumsaa irratti qaban yoo xiinxalamu hiika kallattiirraa hiika galumsaatiin fooyyee kan qaban akka ta'aan qo'ataan hubachuu danda'eera. Haata'umalee hiika jechootaaf xiyyeeffannoo kennanii barsiisuun barbaachisaadha. Misgaanuun, (2011:26) Beekaan, (2015:199) "ilaalchi duraan jechoota barsiisuuf ture xiyyeeffannoo kan hin arganne ta'uyyuu akka dandeettii seer lugaatti ilaalamu baatuyyuu adeemsa keessa babaachisummaan isaa kan adda baheef akkuma ogummaawwan kanneen biro barsiifamuu kan eegalee fi ammallee kan itti jiruu dha" jedhu. Yaada hayyoota kanneeniirra kan hubannu waggoota hedduu dura xiyyeeffannoon hiika jechootaaf kennamaa turee akka dandeettiiwwan seerlugaafi kanneen birootti xiyyeeffannoo kan hin qabaanneefi yeroo amma immoo amma tokkoo xiyyeeffannoon itti kennamee barsiifamaa jiaachuusaa nutti agarsiiseera. Hiikni jechootaa qabiyyeewwan garagaraa kan qabuufi isaanis hiika kallattii, hiika galumsaa, hiik heddee, hiika guyyuu, hiika faallaa jennee qabiyyee addaa addaatti qoqqooduu dandeenya. Dandeettii hiika jechootaayammuu madaaltanu barattoonni kan salphaatti deebisanu isa kami? Gaaffii jedhu ilaalchisee afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irratti barsiisonni akkas jedhu:

Barsiistuun B1ffaan akkas jetti

> “Barattoonni keenya kan isaan salphaatti deebisanu hiika jechootaa ilaalchisee hiika galumsaati. Kunis maaliif yoo jenne kitaaba Afaan Oromoo boqonnaa 18ttanuu dubbisa kan qabuu dha. Kanaaf dubbisichi immoo hiika galumsaa qaba. Hiikni jechootaa immoo dubbisa keessaa baha. Sadarkaa gara gadiirraa kaasnee yoo ilaalle hiika galumsaarratti waan xiyyeeffatuuf isaan kaanirra achirratti fooyyee qabu” jetti.

Barsiistuu B2ffaa

> “Haaluma wal fakkaatuun hiika galumsaatiin barattoonni fooyyee qabu. Kunis sababiin isaas hiikni galumsaa qabiyyee kitaabaa irrtti yammuu ilaallu himoota wajjin wal qabatee jiruun yaaduma (ergaa) himni sun qabatee jiru tilmaamuudhaan hiika jecha tokkoo kennuun nidanda’ama .Sababiin isaas qabiyyeen kitaabaa dubbisaan waan wal qabatuuf” jetti.

Barsiisaa B3ffaa

> “Akka salphaatti kan isaan hiika itti kennuu danda’aan keessaa tokko hiika guyyuu ti.Inni lammaffaan immoo hiika galumsaati. Hiika galumsaa gaafa jennu kitaabni hedduu kan afaanii ykn immoo akkuma beekamu barnoonni Afaan Oromoo dubbisa irratti xiyyeeffata. Sababiin isaas dandeettiiwwan dubbisuutiin walitti hidhataa waan ta’eef dubbisa guyyaa guyyaatti dubbifamaa ooluun galumsaa irratti hiika kennuu danda’u” jedha.

Barisaa B4ffaa itti dabaluun:

> “Hiika galumsaafi hiika faallaa ti. Sababiin isaas irra caalaa yeroo baay’ee hiikota kana lamaanitti waan fayyadamaniif qabiyyeewwan kunneen lamaan sadarkaa 1ffaa irraa kaasanii qophiin kitaabaas waan irratti xiyyeeffatuuf isaaniitti salphachuu danda’a. Akkasumas qophiin kitaaba barnoota Afaan Oromoo yeroo baay’ee dubbisa garagaraa waan of keessaa qabuuf hiika galumsaa deebisuu dandaaniiru” jedha.

Barsiistuu B5$^{ffaa}$s itti dabaluun akkas jetti.

> “Hiika faallaati.Sababiin isaas hiikni faallaa wal bira kan adeemuudha.Warra kaan hin deebisanu jechuu osoo hin taane kan salphaatti deebisanu garuu hiika faallaa ti jechuu kooti.Akkasumas iiti aansuudhaan kan isaan deebisuu danda’aan hiika galumsaa ti. Sababiin isaas kitaabni Afaan Oromoo bal’inaan dubbisa waan of keessaa qabuudha” jetti.
>
> (Maddi deebii afgaaffii barsiisotaa dabalee J )

Yaada afgaaffii armaan olii irraa hubachuun akkuma danda’amu dandeetti hiika jechootaa ilaalchisee qabiyye qabiyyee isaatin caccabsamee yammuu madaalliin gaggeessamu kan barattoonni akka salphaatti kan isaan deebisanu hiika galumsaafi hiika faallaatin fooyyee kan qabanu akka ta’aniifi barsiisota gaafataman shaman keessaa 1 (%20) hiika guyyuu yammuu jedhu 2 (%40) hiikaa faallaa ti; jechuun yaada barsiisonni kennanirraa hubachuun danda’ameera. Akkasumas qormaata baratootaaf kennamee bu’aa xiinxala isaa irraa hubachuun danda’ameera.

Yaada afgaaffii armaan olii irraa hubachuun akkuma danda’amu dandeetti hiika jechootaa ilaalchisee qabiyye qabiyyee isaatin caccabsamee yammuu madaalliin gaggeessamu kan barattoonni akka salphaatti kan isaan deebisanu hiika galumsaa fi hiika faallaatin fooyyee kan qabanu akka ta’anii fi barsiisota gaafataman shaman keessaa 1 (%20) hiika guyyuu yammuu jedhu 2 (%40) hiikaa faallaa ti; jechuun yaada barsiisonni kennanirraa hubachuun danda’ameera. Akkasumas qormaata baratootaaf kennamee bu’aa xiinxala isaa irraa hubachuun danda“ameera.

#### 4.2.3. Dandeettii Hiik-heddee Barattootaa

Jechoonni hiika baaqqee tokko qofa baatanii kan argaman qofa osoo hin taane waliin walii isaanii kan walitti hidhatan akkasumas akkaataa walitti hidhiinsaafi galumsaatiin hiika garagaraa kan kennaniidha. Jechoonni tokko tokkoo hiika hedduu waan of keessaa qabanii fi yaadota hedduu of keessatti haammatanii kan argaman yammuu ta’uu; jechoonni tokko tokko immoo hiika muraasa waan of keessaa qabaniif jechoota hedduu kan of keessaa qaban jalatti kan ramadaman akka ta’e dubbatu Wallace, (1988).

Xiinxala raawwii qormaata baratootni qabatamaan hiik-heddee irratti agarsiisan irraa hubachuun akkuma danda“aamutti barattoonni kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ hiik-heddee irratti gaaffi shan, shan gaafatamanii 1 qofaatu deebi’uu danda’e. Innis maddii rakkoo isaa jechoonni yammuu hima keessaa galan hiika adda addaa kennuu danda’uu. Isaan immoo isa kana dagachuudhaan hiikuma jevchi sun baatee jiru qofa ilaaluun deebisuu isaanii kan namatti agarsiisuudha. Kanumaan wal qabatee xiinxala raawwii qabxii dhibba keessaa xxiinxalame gabtee armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee 5 :Dandeettii Hiik-heddee Barattootaa**

| Marsa | Kutaa | 50 gadi | | | 50-74 | | | 75-89 | | | 90 fi isa ol | | | Ida“ama | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1ffaa | 11$^{f}$faa | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ |
| | | 10 | 8 | 18 | 8 | 6 | 14 | 0 | 2 | 2 | 0 | 0 | 0 | 18 | 16 | 34 |
| | 12$^{f}$faa | 4 | 11 | 15 | 5 | 5 | 10 | 7 | 1 | 8 | 0 | 1 | 1 | 16 | 18 | 34 |
| Ida“ama | | 14 | 19 | 33 | 13 | 11 | 24 | 7 | 3 | 10 | 0 | 1 | 1 | 34 | 34 | 68 |

Gabatee5$^{ffaa}$ ilaalchiseeakkuma armaanolii irraa hubachuun danda’aamuttidandeettii barattoonn hiik-heddeerratti qaban ilaalchisee barattoota kutaa 11$^{ffaa}$ fi12$^{ffaa}$ qormaata qoraman keessaa kutaa11$^{ffaa}$dhiira 18 keessaa 10 (55.5%), dhalaa 16keessaa 8 (50%), walitti 18 (52.9%) kutaa 12$^{ffaa}$dhiira 16 keessaa 4 (25%), dhalaa 18 keessaa 11(61.1%), walitti 34 kessaa 15 (44.1%) 50 gadii dha. Avireejii 50-74 kan fidan ilaalchisee kutaa 11$^{ffaa}$ keessaa dhiira 8 (44.4%), dhalaa 6 (37.5%), walitti 14 (41.1%) fi kutaa 12$^{ffaa}$ keessaa dhiira 5 (31.3%), dhalaa 5 (27.7%) walitti 10 (29.4%) walumagalatti kutaa 11$^{ffaa}$ fi12$^{ffaa}$ qormaata fudhatan keessaaa dhiira 13 (38.2%), dhalaa 11 (32.4%), walitti 24 (35.2%) 50-74 keessaa kan fidanii dha.

Akkasumas 75-89 kan fidan kutaa 11$^{ffaa}$ dhiira 18 keessaa 0%,dhalaa 16 keessaa 2 (11.1%) waligala 34 keessaa2 (5.8%),kan kutaa 12$^{ffaa}$ 16 keessaa 7 (43.7%) dhalaa 18 keessaa 1 (5.5%) waliigala barattoota 34 keessaa 8 (23.5%), dha.Barattootaa akka walii galaatti qormaatti dhiyaatan dhiira 34 keessaa 7 (20.5%), akkasumas dhalaa 34 keessaa 3 (8.8%), yammuu ta’uu walitti barattoota 68 keessaa 10 (14.7%), kan ta’aan 75- 89 kan fidaniidha.

Avireejii 90 fi isaa ol kan fidan kutaa 11ffaa qormaatatti dhiyaatan 34 dhiiraa fi dhalaa keessaa (0%), yammuu ta‟aan kutaa 12ffaa qormaataaf dhiyaatan dhiira 16 keessaa (0%) dha.Dhalaa qormaataaf dhiyaatan 18 keessaa 1 (5.5%), kan ta‟aan yammuu ta;uu walitti barattoota 34 qormaataaf dhiyaatan keessaa 1 (2.9%) dha. Akka walii galaatti kutaa 11ffaa fi 12ffaa qormaataaf dhiyaatan dhiira 34 keessaa (0%), yammuu ta'uu dhalaa qormaataaf dhiyaatan 34 keessaa 1 (1.4%) kan ta'aan 90 fi isaa ol kan fidan akka ta'e xiinxala qormaata barattootaa kana irraa hubachuun danda‟aameera.

Waluma galatti kutaa 11ffaa fi12ffaa dhiira 34 keessaa 14 (41.1%), dhalaa 34 keessaa 19 (55.8%), walitti 68 qormaata fudhatan keessaa 33 (48.5%), kan ta'aan 50 gadi kan fidan yammuu ta;uu; kutaa 11ffaa fi 12ffaa dhiira 34 keessaa 20 (58.8%), dhalaa 34 keessaa 15 (44.1%), walitti barattoota 68 qormaataaf dhiyaatan keessaa 35 (51.4%) 50 fi isaa ol kan fidanii dha.

Xiinxala qabxii barattoota armaan olii irraa hubachuun akkauma danda'aamu barattoonni dandeettii hiik heddeetiin isaan qaban hagas mara miti. Kuni kan nutti agarsiisu barattoota baay‟inni isaanii 48.5% kan ta'aan Avireejii 50 gadi ta'uun isaanii dandeettii hiik heddeetiin gadi bu'aa ta'uu isaanii nutti agarsiisa. Jechoonni hiika tokkoo ol qaban hiik heddee jedhamu.Kana jechuun jechoonni hiikaa tokko ol qaban unka xiinqooqaa tokko kan bakk bu'anii dha.Yaada kana kan cimsu Sutton, (1995) namni tokko jecha tokko akkuma inni jirutti ijaan ilaalee ykn jechicha dhaggeeffachuudhaan hiika itti kennuu irraa tajaajila jechoonni hima keessatti seenuun itti tajaajila kennan hubachuun hiika itti kennuutu caala yaada jedhu qaba.

**4.2.4. Dandeettii Hiika faallaa Barattootaa**

Jechoonni hiika kennaniin wal faalleessan hiikaa faallaa jedhamu.Maloonni jechoota ittiin barsiisan keessaa tokko hiika faallaati Nation, 2001). Kallattiilee jechoonni walitti qinda'aan keessaa tokkoo hiika faallaati. Hiikni faallaa jechootaa hiikni isaanii wal faalleesanii dha.

**Gabatee 6 : Dandeettii Hiika faallaa barattootaa**

| Mar saa | Ku taa | 50 gadi | | | 50-74 | | | 75-89 | | | 90 fi isaa ol | | | Ida‟ama | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| $2^{ffaa}$ | $11^{ffaa}$ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ |
| | | 5 | 7 | 12 | 4 | 5 | 9 | 9 | 4 | 13 | 0 | 0 | 0 | 18 | 16 | 34 |
| | $12^{ffaa}$ | 3 | 5 | 8 | 13 | 8 | 21 | 0 | 2 | 2 | 0 | 3 | 3 | 16 | 18 | 34 |
| Ida’ama | | 8 | 12 | 20 | 17 | 13 | 30 | 9 | 6 | 15 | 0 | 3 | 3 | 34 | 34 | 34 |

Akkuma gabatee $6^{ffaa}$ armaan oliirraa hubachuun danda’aamutti qormaata marsaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ kenname ilaalchisee kutaa $11^{ffaa}$ dhiira 18 keessaa 5 (27.8%) fi dhalaa 16 keessaa 7 (43.8%), waligala barattoota qoraman 16 keessaa 12 (35.3%) 50 gadi kan fidanii fi barattoota kutaa kutaa $12^{ffaa}$ qormaataa marsaa $2^{ffaa}$ fudhatan dhiira 16 keessaa 3 (13.8%) fi dhalaa qormaata fudhatan 18 keessaa 5 (27.8%) walitti barattoota 8 (23.5%)fi akkasumas Itti aansuudhaan barattoota 50-74 kan fidan kutaa $11^{ffaa}$ keessaa dhiira 4 (22.2%) dhalaa 5 (31.3%) walitti 9 (26.5%) fi kutaa $12^{ffaa}$ dhiira 13 (81.3%) dhalaa 8 (44.4) walitti 21 (61.8%) waligala kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ dhiira17 (50%) dhalaa 13 (38.2%) walitti barattoota 30 (44.1%) kan fidan akka ta’e qorataan qorannoo isaatiin hubateera.Akkasumas 75-79 kan fidan kutaa $11^{ffaa}$ keessaa dhiira 9 (50%) dhalaa 4 (25%) walitti 13 (38.2%) yoo ta‟u kutaa $12^{ffaa}$ dhiira 0 (0%) dhalaa 2 (11.1%) walitti 2 (5.9%) waligala kutaa $11^{ffaa}$ $12^{ffaa}$ dhiira 9 (26.5%) dhalaa 6 (17.6%) waliigala barattoonni 15 (22.1%)kan ta’an akka ta’e hubatameera. Gama biraatiin 90 fi isaa ol kan fidan kutaa $11^{ffaa}$ keesaa 90 ol kan fidan dhiirris ta’e dhalaan umtuu kan hin jirre akka ta’e hubatameera.Kutaa $12^{ffaa}$ keessaas 90 fi isaa ol kan fidan dhiirri umtuuyyuu kan hinjirre yoo ta’u dhalaa 3 (16.7) walitti 3 (8.8%) yoo ta’u walii gala kutaa lamaanuu keessaa dhiirri 90 ol fide kan hinjirre yoo ta’u dhalaan 3 (8.8%), waliigala barataan 3(4.4%) kan ta’an 90 fi isaa ol kan fidanii dha. Akkuma walii galaatti barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ qoramaataaf dhiyaatan dhiira 34 keessaa 8 (23.5%)fi dhalaa 34 keessaa 12 (35.3%) walumaagalatti barattoota 68 qoraman keessaa 20 (29.4%) kan ta’aan 50 gadi kanfidani yammuu ta’uu; baay’ina barattoota qormaataaf dhiyaatan 34 keessaa 26 (76.4%), dhalaa 34 keessaa 22 (64.7%), walitti barattoota 68 qormaataaf dhiyaatan keessaa 48 (70.5%) kan ta’aan Avireejii 50 fi isaa ol kan fidanii dha. Xiinxala dandeettii hiika faallaatiin barattootni 70.5% kan ta’aan fooyyee qabaachuu agarsiisa.

**Gabatee 7:Dandeettii barattoonni Hiika guyyuu (hiika addaa) irratti qaban**

| Marsaa | Kuta A | 50 gadi kan fidan | | | 50-74 | | | 75-89 | | | 90 fi isaa ol | | | Ida‟ama | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha. | Ida’ | Dhi. | Dha | Ida’ |
| 2$^{ffa}$a | 11$^{ffaa}$ | 3 | 5 | 8 | 5 | 6 | 11 | 7 | 2 | 9 | 3 | 3 | 6 | 18 | 16 | 34 |
| | 12$^{ffaa}$ | 3 | 3 | 6 | 7 | 6 | 13 | 3 | 4 | 7 | 3 | 5 | 8 | 16 | 18 | 34 |
| Ida’ama | | 6 | 8 | 14 | 12 | 12 | 24 | 10 | 6 | 16 | 6 | 8 | 14 | 34 | 34 | 68 |

Gabatee 7$^{ffaa}$ ilaalchisee barattoota kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ qormaata marsaa 2$^{ffaa}$ qoraman kutaa 11$^{ffaa}$ dhiira 18 keessaa 3 (15%), dhalaa 16 keessaa 5 (35.7%), walitti 8 (23.5%) kan ta’an 50 gadi kan fidanii fi akkasumas kutaa 12$^{ffaa}$ dhiira 16 keessaa 3 (18.8%) dhalaa 18 keessaa 3(16.7%), walitti 6 (17.6%) dha.Itti aansuudhaan 50-74 kan fidan kutaa 11$^{ffaa}$ dhiira 18 keessaa5(27.7%), dhalaa16 keessaa 6 (42.9) walitti 11(32.4%), yoo ta’u; kutaa 12$^{ffaa}$ dhiira 16, keessaa 7 (43.8%), dhalaa 18 keessaa 6 (33.3%), walitti 34 keessaa 13 (38.2%) kan fidan yoo ta’u; Akkasumas 75-89 keessaa dhiira 7 (35%), dhalaa 2 (14.3%), walitti 9 (26.5%) fi kutaa 12$^{ffaa}$ keessaa dhiira 3 (18.8%),dhalaa 4 (22.2%), walitti 7 (20.6%), Dabalataan 90 fi isaa ol kan fidan kutaa 11$^{ffaa}$ keessaa dhiira 3(16.6%) dhalaa 3 (18.7%) fi kutaa 12$^{ffaa}$ keessaa dhiira 3 (18.8%) dhalaa 5 (27.8) walitti 8 (23.5%) yammuu ta’aan.

waliigala kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ dhiira 34 keessaa dhiira 6 (16.7%), dhalaa 34 keessaa 8 (25%), walitti 14 (20.6%) 50 gadi kan fidan yammuu ta’uu Avireejii 50 fi isaa ol kan fidan dhiira 34 keessaa 28(82.3%),dhalaa 34 keessaa 26 (76.4%) walitti 68 keessaa 54 (79.4%)akka ta‟ee qorataan hubachuu danda’eera. Dimshaashumatti qormaata marsaa 2$^{ffaa}$ irratti barattoota qoraman ilaalchisee akka qorataan qaacceessuuf yaaletti qabiyyee qormaata dhiyaateef lamaan ilaalchisee hiika faallaa bakka galumsaa fi hiika guyyuu ilaalchisee qabiyyee barattoonni qoraman kanneen keessaa barattoonni hiika faallaa irra hiika guyyuutiin kan fooyyee qaban akka ta’e nutti agarsiiseera. Qorataan qorannichaa gahumsa barattoonni hiika jechootaa irratti qaban yaada isaanii meeshaa waraabbii sagaleetti fayyadamuudhaan bakka maqaa barsiisaa qubee B‟tiin bakka buusuun akka armaan gadiitti qacceessera. Gahumsa dandeettii barattoonni hiika jechootaarratti qaban dandeettiiwwan warra kaan irra maal fakkaatu? Jedhamee afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate ilaalchisee barsiisonni akkas jedhu .

Barssiistuun B1$^{ffaa}$n akkas jedhu

"Dandeettiiwwan Afaannii warra kaan irraa dandeettii hiika jechootaatiin barattoonni keenya hagas mara miti. Dandeettii hiika jechootaatiin sadarkaa giddu galeessaa irra jiru hiikni jechootaa yammuu barsiifamuu dandeettiiwwan kan akka hiika kallttii, hiika galumsaa, hiika guyyuu, hiik heddeetu jiru "jetti.

Barsiistuu B2$^{ffaa}$nis akkas jetti:

"Dandeettiwwan barattoonni hiika jechootaa irratti qaban yoo ilaalluu tarii sadarkaa sadarkaadhaan kaa'uun ni danda'aama. Sababiin isaas hunda isaaniirrratti dandeettii wal fakkaataa hin qaban kunis kan baay'ee isaanitti ulfaatu jira; kan immoo isaan ittiin fooyyee qabaatan jiraachuu mala" jetti.

Barsiisaa B3$^{ffaa}$ Akkas jetti:-

"Hiika jechootaa dandeettiiwwan Afaanii warra gurguddaatti dabaluu yoo baanne dandeettiiwwan Afaanii warra xixiqqoo keessaa isa tokkoodha. Haata'u malee barattoonni hiika jechootaataatti hiika kennuu irratti garaagarummaa qabu.Kana irrattiis hiikni jechootaa karaa garagaraatiin kan inni hiikamu;kan jechuun isa tokko irratti gadi bu'aa yammuu tahanu, isaan kaanirratti immoo olka'oo akkasumas isaan kaanirratti immoo giddu galeessa dha" jetti.

BarsiistuuB4 $^{ffaa}$n itti dabaluun akkas jetti:

"Dandeettii barattoonni hiika jechootaa irratti qaban dandeettiiwwan warra kaanirraa giddu galeessaa irra jiru.Sababiin isaas barattoonni kun sadarkaa tokkoffaa irraa kaasee shaakallii isaan hiika jechootaa irratti taasisaa turan gahaa waan hin taanee fi akkasumas xiyyeeffannoon itti kennamee hojjatamaa kan hinturree dha" jetti.

Barsiisaa B5$^{ffaa}$nis kanumaan wal qabsiisanii:

"Hiikni jechootaa gosa adda addaatu jiru.Hiika jechootaa yeroo jennuu hiika kallattii,hiika galumsaa,hiik-heddee,hiika faallaafi hiika guyyuu ti. Dandeettii barattoonni hiika jechootaa irratti qaban hagas mara miti.Sababiin isaas qophiin qabiyyee kitaabaa dubbisaan wal qabatee hiika galumsaa irratti xiyyeeffata malee qabiyyeewwan hiika jechootaa kanneen biroof xiyyeeffannoo hin qabu" jedha.

(maddi isaa afgaaffii barsiisotaaf dhiyaaterra) dabalee „J‟ ilaaluun ni danda‟aama. Akka yaada barsiisota kanaatti dandeettiwwan afaanii warra gurguddoo jedhamanii kanneen beekamaniin yoo walbira qabnee ilaallee beekumsa hiika jechootaatiin barattoonni baay’ee hagas mara cimoo ta’uu yoo baatanis homaa kan hin jenne ta’uu isaanii afgaaffii barsiisotaa irraa hubachuun danda’ameera. Akkasumas qabiyyeewwan hiika jechootaa yammuu madaalluu gosa garagaraatti adda baasuun madaaluu dandeenya. Isaan kanneeniin dandeettii isaan qaban wal qixa jechuu akka hindanda’aamne afgaaffii barsiisotaa irraa hubachuun danda’ameera.Sababni isaas qophii qabiyyee kitaabaa ilaalchisee yoo ilaalles dubbisaan wal qabatee baay’inaan hiika galumsaa irratti malee kanneen biroof xiyyeeffannoonsaa muraasa akka ta’e nutti agarsiiseera.

Hiika jechootaa beekuun laafaa miti. Waan akkasumaan ilaalamu miti. Kanuma ilaalchisee.Misgaanuu, (2011:24) fi Beekaan, (2015:196) ilaalcha hiika jechootaa irratti akkas jedhu.”Jechoota afaan tokkoo barsiisuun, ogummaa beekamtummaa qabu akka hin turre dha”. Yaadni kun kannutti agarsiisu hiika jechootaa barsiisuun osoo akka dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfaniitti xiyyeeffannoon itti kennamee barsiifamuu osoo qabuu hafee akka dandeettiiwwan afaaniitti xiyyeeffannoon itti kennamee barsiifamuu dhabuun akka rakkoo tokkootti gufuu akka ta’e nutti agarsiisa.

**4.3. Ciminaafi Hanqina dandeettii Hiika Jechoota Barattootaa**

Ciminaa fi hanqina barattoonni qorannoon kun irratti gaggeeffame qabatamaan hojii isaanii keessatti agarsiisan maal fakkaataa? Maal gaafatamanii maal deebisan kan jedhu kan keessatti ilaalamee dha. Kana jechuun qabiyyee qormaata isaan irratti fudhatan waliin wal qabsiifameeqormaata barattoonni qabatamaan hojjatanii agarsiisan armaan oliiti suuraa isaa kaasuudhaangabatee armaangadii keessatti immoo qaacceessa isaa waliin wal bira qabanii ilaaluun nidanda’aama.

**Gabatee 8: Dogoggora dandeettii hiika kallattii irratti mul'ate**

| kuta a | T/ L | Deebii dogoggora | Deebii sirriin | Furtuu deebii | Kut aa | Deebii dogoggora | Deebii sirrii | Furtuu Deebii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 11ff aa | 1 | Rukute | ________ | Battalatti ajjeese | 12ff aa | ________ | Mi'aa | Mi'aa |
| | 2 | Furdaa | ________ | Gameessa | | Tabba | ___ | Daandii |
| | 3 | Socho‟uu | ______ | Dhokachuu | | Gaariidha | ____ | Hamaa |
| | 4 | Xalaata | ________ | Fagoo | | Figdoota | ____ | Dhokate |
| | 5 | Wadaaja | ________ | Nyaapha | | Liqimsuu | ____ | Injifachu U |
| | 6 | _____ | Miidhagin A | Miidhagina | | _________ | Walitti gale | Sanyiin |
| | 7 | Nyaachuu | ________ | Haxaa‟uu, | | Gowwaa | _____ | Baqattoot A |
| | 8 | ________ | Ofeeggan Noo | Ofeeggannoo | | Gowwoo Msuu | ____ | Tufuu,tuf Fii |

Xiinxala gabatee armaan olii kana keessatti kan mul'atu duubdeebii barattoonni dandeettii hiika kallttii irratti qaban kan qabatamaan agarsiisuu dha. Xiinxalli gabatee armaan olii kun kan inni irraatti xiyyeeffatu dandeettii hiika kallattii jechootaa ti. Hiikni kallattii moggaasa ganamaa jechi bu‟uuraa sun qabatee argamuu dha. Yaaduma kana kan cimsu Geetachoon, (2011:55) "Hiikni kallattii jechi tokko uumaadhaan hiika isaa kan beekamee kan namni hunduu itti walii gale moggaasa ganamaa jechuu dha." Yaada kana irraas kan hubannu jechoonni hiika kallattii

kanneen jedhaman hiika moggaasa ganamaa uumama jechichaatiif kennamee qabatee argamuu dha. Akkasumas naannoon afaan irratti dhiibbaa kan geesisu ta'uu namatti agarsiisa.Kanas deebii barattoonni kennani irraa akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'aama. Akkasumas barattoonni qormaata kana qoraman dandeettii jarri hiika kallattii irratti qaban yammuu ilaalluu baay'ee gadi bu'aa dha.Innis barattoota68 qormaata fudhatan keessaa 58 (89.2%) kan ta'an 50 gadi kan fidanii dha. Kanuma ilaalchisuudhaan Gaims fi Redman, (1986) yeroo hundumaa jechoota hiika kallattii barsiisuun hiika jechoota haaraaf ibsa gahaan akka kennamuuf gargaara. Yaada kana irraas kan hubannu jechoota hiika kallattii barattoota barsiisuun al kallattiidhaan jechoota haaraa akka barsiisuuti yaada jedhu of keessaa qaba.

Deebii barattoota irraa akkuma mul’atu (agarsiisuutti) qajeelfama siirriitti hubachuu dadhabuu barattootaa kunis kan inni ittiin ifu hiika kalltti yammuu gaafatamaniitti hiikaa faallaa deebisuu isaanii; akkasumas haala naannoo irratti bu’uureeffachuun afaan Amaariffaa gara Afaan Oromootti fiduun deebisuun kan irraa mul’atee akka ta’ee fi akkasumas naannoon afaan irratti dhiibbaa kan geesisu ta’uu irraa hubatameera.

**Gabatee 9:dogoggora dandeettii hiika galumsaa barattootaa irratti mul’ate**

| Kutaa | T/L | Deebii dogoggoraa | Deebii sirrii barattoonni guutan | Furtuu Deebii | Kutaa | Deebii dogoggoraa | Deebii Sirrii | Furtuu Deebii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 9 | ____ | Asaasuu | Asaasuu | | ____ | Dhokat E | Suntuure |
| | 10 | ____ | Mul‘‘ate | Mul’ate | | Irra ciisuu | ____ | Abshaala |
| 11^f faa | 11 | _____ | Dogoggorsuu | Dogoggo rsuu | 12^ff aa | _____ | Sanyii | Dinqisiifac Huu |
| | 12 | Walitti dhufeeny iisaani | ______ | Tolaan abdii kute | | Inni nama reebuu | ____ | Abbaan mucaa isaa tume. |
| | 13 | _______ | ______ | Boonaan kirri kute | | Nyaate | ____ | Inni sibiila tume. |
| | 14 | _____ | Jarri dugda walitti galan | ___ | | Xumuran | ____ | Hojii jalqaban fixan. |
| | 15 | Abdiirraa dugdan | ____ | Tolaa irra dugda | | _____ | _____ | Jarri wal fixan. |

Xiinxala gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'aamutti danddeettii hiika galumsa barattootaa jechoota himoota keessa jiran deebisuu irratti fooyyee kan qaban akka ta'e xiinxala gabatee dandeettii hiika galumsaa irraas hubachuun ni danda'aama. Qormaata barattootaa akka fakkeenyaatti hojjetan armaan oliitti suuraa irraa mul'atu xiinxallee ilaaluu dandeenyeerra. Kutaa 11[ffaa] hiika galumsaa irratti gaaffii 7 gaafataman keessaa 4 (%57) kan deebisan. Yammuu ta'uu kan Kutaa 12[ffaa] hiika galumsa irratti gaaffii 7 gaafataman keessaa 2 (%28.5) kan argatan ta'uu isaanii ilaaluun ni danda'ama. Sababiin isaas hiika kallattii gaafatamanii isaan immoo hiikaa faallaa jechichaatiin hima ijaaranii agarsiisan. Yaada kana Cunnings Worth,(1984) akkas jechuun deggara.Haalli hiikni jechootaa itti dhiyaatu tarreeffama jechootaatin qofa ta'uu hin qabu. Jecha qofaa dhaabbatu tokkoof hiika attamii akka kennan ni rakkisa. Yaada kana irraas kan hubannu jechoonni qofaa isaa dhabbatanii hiika kennuu irraa hima keessa galchinee yoo itti dhimma baane filatamaa dha; yaada jedhu kan of keessaa qabuu dha. Bu'uuruma kanaan jechoota kennameefi akkaataa isaan hima keessa seenuun hiika garagaraa itti kennuu danda'aaniin akka isaan barreessan gaaffii 4 gaafatamaniin faallaa jechichaatiin hima ijaaruu itti fakkaatee hima ijaaranii kan agarsiisanii dha. Kun immoo kan namatti agarsiisu qajeelfama sirriitti dubbisuu dhabuu irraa madda. Waluma galatti hiika galumsaatiin haala gaarii irra kan jiran ta'uus xiinxala qabxii akka walii galaatti dhibbaa keessa bahee dhibbantaan gabatee 4[ffaa] irratti ibsame irraas ilaaluun ni danda'aama. Sababoota Hiika galumsaatiin barattoonni sadarkaa fooyyee qabu irra jiraachuun danda'aameef qophiin kitaaba Afaan Oromoo boqonnaan 18ttanuu kan dubbisa qabu waan ta'eef akka itti salphatu taasiseera

**Gabatee 10: Deebii dandeettii hiik-heddeerratti barattoonni deebisan**

| Kut Aa | T/L | Deebii dogogg | Deebii sirrii deebiʻʻe | Furtuu Deebii | Kut aa | Deebii dogoggor | Deebii Sirrii | Furtuu Deebii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 16 | Buʻʻe | ___ | Yaabbate,ol bahe | | ___ | Nagaddisiis | Nagaddis iise |
| | 17 | ____ | Godaane | Godaane gadhiise | | ____ | Danfe | Wal nyaatee |
| 11ff aa | 18 | Dhabe | ______ | Carraa argate | 12ff aa | ______ | Kufe | Kufe |
| | 19 | | Irraa gore | Irraa gore | | Kute | ____ | Rukute |
| | 20 | gaccaʻʻe | ____ | Irraa bahee (rukute) | | Sirreesse | ______ | Hojjate |

Jechi hiika tokkoo ol qabu hiik heddee jedhama. Jechoonni hima keessa galuun hiika adda addaa kennuu nidanda'uu . Yaaduma kana kan cimsu Sutton, 1995:57) "…to getthe meaning of any thing…you do not listen only to the individual words. You comprehend them by awareness of the setting or context in which the occer…" hiika jecha tokkoo ijaan ilaallee yookan gurraan dhaggeeffachuudhan hiika itti kennu irra haala qabiyyee isaatiin hima keessa galchuudhaan hiika itti kennuutu salphaa dha yaada jedhu of keessaa qaba. Fakkeenyaaf: Uleen lafa dhahe.Hiikni isaa rukute kan jedhu dha. Meexxidhaan handqii dhahe yoo jenne garuu hojjate yookaan immoo tolche jechuudha. Qormaanni barattootaaf dhiyaates kanumaan kan wal qabatuu dha. Xiinxala deebii barattoonni kennan akka saampiliitti fudhachhuudhaan gabatee armaan olii keessatti furtuu deebii waliin wal bira qabuun xiinxalameera. Kunis akkuma armaan oliitti mul'isuuf yaalametti fakkeenyaaf Caalaan tulluurra bahe. Isa jedhuuf bahe kan jedhuuf sagaleessuun walitti fidanii bu'e jedhanii deebisan. Caalaan biyyaa bahe. Kan jedhuuf immoo godaane kan jedhu deebiin sirriin deebi'eera. Akkasumas lootoriin Caalaaf bahe. Isa jedhuuf immoo dhabe kan jedhutu deebi'e.Innikun immoo deebii sirrii miti.

**Gabatee 11ffaa: Dogoggora deebii barattoonni hiika faallaa**

| kutaa | T/L | Deebii dogoggoraa | Deebii Sirrii | Furtuu Deebii | Kutaa | Deebii Dogoggoraa | Deebii sirrii | Furtuu deebii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | |
| 11ffaa | 1 | Hidhe | ___ | Hike | 12ffaa | ___ | Suuta | Suuta |
| | 2 | ____ | Dhiyoo | Dhiyoo | | Birrachuu | ___ | Gidduu |
| | 3 | Dargaggeessa | ___ | Suubboo | | Ijifachuu | ___ | Ijifachuu |
| | 4 | Ol ka‟e | ___ | Bushaaye | | Irqinfuu | ___ | Inni |
| | 5 | Aangoo kenneef | ____ | Aangoo kenne | | Kan nama ajjeesu | ___ | Gorsi Isaanii dawaa |
| | 6 | ___ | Inni bosona mancaase | Inni bosona mancaase. | | ___ | Gowwaa | Abbaan Isaa gowwaa |
| | 7 | Fedhesaa irraa | ____ | Fedhesaaf aangoo… | | Faarsuu | __ | Arraabsuu |
| | 8 | Namoonni Baay’een | ___ | Jarri quufaadha. | | Fagoo | __ | Dhihoo |
| | 9 | Ofirraa ittisuu | ____ | Simachuu | | ____ | __ | Gadduu |
| | 10 | Simachuu | ___ | Jibbisiisuu, jibbuu | | Daraaraa | __ | Qancara |
| | 11 | Mana hidhaa galche. | ___ | Hiike | | | | |
| | 12 | Kennuu | ___ | Donnoomuu | | | | |

Xiinxala gabatee qormaata barattoonni marsaa 2[ffaa]tti qoraman kan kutaa 11[ffaa] fi 12[ffaa] ilaalchisee barattoonni maal gaafatamanii? Maal deebisan kan jedhu furtuu deebii waliin wal bira qabamee kan ilaalamee dha. Kan kutaa 11[ffaa] jechoota himoota keessatti gurraachaa'anii barreeffamaniif faallaa bakka galumsaa isaanii barreessi isa jedhu ture. Kan kutaa 11[ffaa] gaaffii gaafataman 12 keessaa 2 (%20) kan deebisan yammuu ta'uu; akkasumas kan kutaa12[ffaa] gaaffii gaafataman 10 keessaa 2 (%20) kan deebisanii dha. Jechoonni hiika faallaa jechoota hiikaan wal faalleessanii dha. Yaaduma kana kan cimsu "Kun walitti dhufeenya jechoota wal morkataa lama gidduu jiruu dha. Addunyaa, (2021:112). Yaada kana irraas kan hubannu jechoonni hiika faallaa uumamuumaan kan wal faalleessanii dha. Fakkeenyaaf gadda/gammachuu, qal'aa /furdaafi kkf dha. Kan barattoonni gaafatamaniis hiika faallaa bakka galumsaa fakkeenyaaf Tolaan farad sakaale. As keessatti kan gaafataman faallaa sakaalee jedhuuti. Akkuma furtuu deebii irraa ilaaluun danda'aamutti deebiin isaa hiikee kan ta'uu qabutu hiidhe jedhanii deebisan. Innis maddi rakkoo isaa maalinni jennee yoo ilaalle haala deebii barattoonni kennan irraa hubachuun akkuma danada'aamu qajeelfamani qormaatichi jedhuu dhiisanii hiika kallattiif kan deebii hin tane kan guutan akka ta'e; deebii qormaata barattoonni armaan oliitti hojjatan akka fakkeenyaatti qabatamaan ilaaluun ni danda'aama.

**Gabatee 12: Dogoggora deebii barattoonni hiika guyyuu irratti agarsiisan**

| kuta a | T/L | Deebii dogoggoraa | Deebii Sirrii | furtuu deebii | Kutaa | Deebii dogoggoraa | Deebii Sirrii | Furtuu Deebii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 11 | | | | | Bineensa | __ | Kan mana eegdu |
| $11^{ffaa}$ | 12 | | | | $12^{ffaa}$ | Sareen nama ciniinti. | ___ | Gadhee (bakka hin taanetti |
| | 13 | ___ | Bineensa bosonaa | Bineensota Bosonaa | | Leenci bosonuu nyaata. | __ | Bineensa bosonaa (gooftaa bineensaa |
| | 14 | Guddaa | ___ | Kan nyaatee hin quufne (abbaa garaa) | | Leenci ni harqa. | ___ | Goota kan soda hin |
| | 15 | Liccuu | ___ | Bineensa garaan loo'uu.(summii kan qabu) | | Hoolaan dhalte. | __ | Beeylada manaa kan foon |
| | 16 | Miilla kan hin qabne | ____ | Kan garaan Isaa hin | | ____ | __ | Gowwaa |

Xiinxala gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'aamu dandeettii hiika guyyuu (hiika addaa) irrattii barattootaa kutaa $11^{ffaa}$ qormaata marsaa $2^{ffaa}$ kennameef gaaffi 4 gaafatamaniif

1 (%25) kandeebisan yammuu ta'uu kan kutaa 12ffaa keessaa immoo gaaffii 6 gaafataman keessaa 0 ykn immoo homaayyuu kan hin deebine ta'uu namatti agarsiisa. Kunis akka fakkeenyaatti qormaata barattootaan armaan oliitti deebi'e ilaaluun ni danda'aama. Hiikni guyyuu hiika jechi tokko uumamaan qabatee jiru bukkeetti kan hawaasni amala waan tokkoon wal qabsiisee hiika itti kennuu dha. Fakkeenyaaf jecha 'saree' jedhu yammuu ilaallu hiikni isaa inni bu'uuraa sareen kan nama ciniintu, beeylada manaa akkasumas kan mana eegdu yammuu ta'uu; hiikni isaa gara biraan kan inni adeemsa keessa yookaan guyyaa keessa hawaasni itti moggaase immoo jecha 'saree' jedhu fakkeenyaaf Inni hojiin isaa saree dha. Hiika jechi kun baatee deemu: kan bakka hin taanetti argamu,nama gadhee ta'uu isaa jecha kanaan ibsuun kan danda'aamuu dha. Kanuma kan barattoonni akka deebisanu gaafatamanii deebisuu dhabuudhaan hanqina irratti agarsiisan. Innis barattoonni hiika guyyuu (hiika addaa) irratti hanqinni dandeettii mul'achuu agarsiisa. Bu'uuruma kanaan dandeettii barattoonni kutaa 11ffaa fi 12ffaa hiika guyyuu irratti fidan akka walii galaatti gara dhibbaatti deebisuun kan xiinxalame gabatee 7 armaan olii keessatti dhiyaateera.

**4.4. Sababoota hanqinaa dandeettii hiika jechoota barattootaa**

Qabiyyeen kun gaaffilee bu'uuraa qorannoo3ffaa qorataan qopheesse irratti dhiyaate deebisuuf kan qophaa'ee dha.Bu'uuruma kanaan barsiisota afgaaffiin dhiyaateef yaada isaan gaaffii armaan gadiirratti qaban akka itti aanuutti dhyaateera.Hanqinaalee gurguddoon dandeettii hiika jechootaa barsiisanii madaaluu keessatti mudatan jiruu? Jedhamanii kan gaafatamaniif:-

Barsiistu B1ffaa yaada isaanii akka itti aanutti ibsaniiru.

> "Eeyyee jiru.Sababiin isaas galmeen jechootaa dhabamuu.Akkasumas Kitaabni dabalataa Afaan Oromootiin qophaa'an gahaan dhabamuu tarii kanneen kunbarattoonni kunneen hiika jechootaarratti akka isaan gahumsa hin qabaanne sababa ta'uu danda'u.Inni kan biraa haalli naannoos tarii dhiibbaa qabaa? Laata yaada jedhu qaba.Keessattuu hiika kallattiirrattiaf-heddeen naannoo kanatti waan baayyatuuf. Sababiin isaas irra jireessaan yeroo ati hiika jechootaa gaafattu Afaan Ahamaariffaatiin kan jarri siif deebisanu.Sababiin isaa maaliif yoo jette afaan naannoo irratti fayyadama waan ta;eefdhiibbaa irraan geesisuu danda'aa laata waan jedhun qaba"jetti.

Akkasumas Barsiistuun B2$^{ffaa}$n yaada ishii itti dabaluudhaan:

> "Eeyyee jiraachuu malu.Fakkeenyaaf kanneen akka hiika kallattii yammuu fudhannu Oromiyaan bal'oo waan taateef iddoo garagaraatti jechoota garagaraa fayyadamna.Inni iddoo tokkotti beekamu iddoo biraatti beekamaa miti.Yammuu kanatti barattootaaf hiikni kallatti yeroo kitaaba keessatti dhiyaatuuf hiika kallattiidhaaf hiika kennuu irratti nirakkatu.Rakkoo kana immoo furuudhaaf osoo galmeen jechoota Afaan Oromootiin qophaa'ee jiraate gaariidha.Akkasumas shaakalli kitaaba barataa keessa jiru deebii waliin baay'inaan dhabamuurraan kan ka'e rakkoon hiika kallattii bal‟iinaan mul'ata.Akkasumas yeroodha yerootti jechoonni haaraan jechootatti dabalamaa deema.Kitaabni barataa immoo yeroo dheeraa turuu wan danda'uuf nu warra Afaanicha barsiifnurratti rakkoo uumee jira.Sababiin isaas Jechoota bakka hundaa yeroo tokkotti beekuun rakkisaa waan ta'eef" jetti.

Itti dabaluun Barsiisan B3$^{ffaa}$nis yaadichuma yeroo ibsu

> "Eeyyee jiru.Kanneen akka looga Afaan tokkoo keessa jiruudha.Jechi naannoo tokkotti beekamu yammuu dhiyaatu hiika itti kennuu irratti nirakkatu.Inni garabiraan immoo aadaan dubbisuu barattootaa hinjiru. Itti dabalees mannidubbisaa magaalaa dhabamuu, akkasumas kitaaboleen dabalataa Afaan Oromootiin qophaanii bahan dhabamuu. Dabalataan Waajjirri Aadaafi Turiizimii kitaabolee garagaraa fidanii barattoonni aadaa Godina biraa dubbisanii akka baranuuf kitaabolee adda addaa fiduu dhabuu fi k.k.f.barattoota irratti akka isaan hiika jechootaa hin barreef danqaa itti ta'ee jira" jedha.

Barsiiaa B4$^{ffaa}$

> "Eeyyee ni jiraata.Innis Barattoonni hundi bifa walitti dhufeenya qabuun dandeettii hiika jechootaa irratti gahumsaa gahaa dhabuu. Akkasumas Shaakalli kitaaba barataa keessa jiru gahaa ta'uu dhabuu.Galmeen hiika jechoota Afaan Oromoo dhabamuu fi k.k.k.f dha" jedha.

Barsiistuu 5$^{ffaa}$nis itti dabaluun:

> "Eeyyee ni jiraatu.Sababiin isaas haalli qophii kitaaba barnoota Afaan Oromoo itti Qophaa'ee jiru bal'inaan kan inni dhiyeessu dubbisaan wal qabatee hiika galumsaa irratti xiyyeeffata.Garuu hiika jechootaan wal qabatee hiika kallatti,hiika faallaa,hiika guyyuu fi k.k.f.bal'inaan kaa'ee hin jiru.Gama biraatiinis kitaaboleen wabii Afaan Oromootiin qophaa‟an hagas mara jraachuu dhabuu fi k.k.f. dha" jetti.

"Eeyyee ni jiraatu. Sababiin isaas haalli qophii kitaaba barnoota Afaan Oromoo itti Qophaa'ee jiru bal'inaan kan inni dhiyeessu dubbisaan wal qabatee hiika galumsaa irratti xiyyeeffata.Garuu hiika jechootaan wal qabatee hiika kallatti,hiika faallaa, hiika guyyuufi k.k.f. bal'inaan kaa'ee hinjiru. Gama biraatiinis kitaaboleen wabii Afaan Oromootiin qophaa‟an hagas mara jraachuu dhabuufi k.k.f. dha" jetti.

(maddi isaa afgaaffii barsiisotaa dabalee J)

Yaada afgaaffii barsiisotaa irraa argame yammu ilaallu dandeetti hiika jechootaa barsiisanii madaallii yammuu gaggeessamu hanqinaalee ta'uu kan danda'u jiruu? isa jedhuuf: barsiisota gaafataman 5 keessaa shananuu(100%) kan ta'an eeyyee nijira jechuun deebisaniiru.Akkasumas barsiisaan 1 (%20) jechoonni loogaa baay'achuun akka rakkootti ilaalmuu qaba jechuun qorataaf deebiseera. Gamabiraatiin barsiistuun tokko immoo dandeettii hiika jechootaa irratti haalli naannoos rakkoo ta'uu akka danda'e. Innis galmeen hiika jechoota Afaan Oromoo dhabamuu, akkasumas kitaaboleen wabii barnoota Afaan Oromoo bal'inaan dhabamuu, yammuu ta'u.xiyyeeffannoo kitaabni barataa hiika jechootaaf kennee itti qopha'e gadi bu'aa akka ta'es Innis akka naannoo keenyaatti Afaan wal makaadha.Kana jechuun Af heddeetu bal‟inaan naannoo keenya kanatti waan argamanuuf kunis gufuu ta‟uu akka danda‟e xiinxala af gaaffii irra argamuu danda‟eera. Yaaduma kana kan cimsu qormaata barattootaaf dhiyaate kan kutaa 11$^{ffaa}$ marsaa 1$^{ffaa}$ gaaffii 4$^{ffaa}$ irrattii xalaata jedhee deebisuu isaa qabatamaan ilaaluun ni danda'aama.Bu‟uuruma kanaan Morgan, (1986) akkas jechuun deggara barreessitonni kitaabaa hedduun isaanii xiyyeeffannoo kan hin kennineefi jechoota akka caasaafi ijaarsaaf oolutti kan ilaalanii dha. Jechoonni barattoota kakaasuuf barbaachisoo akka ta'an ibsa. Yaada hayyuu kana irraa kan hubannu barreessitonni kitaaba garagaraa xiyyeeffannoo isaan qophii kitaaba keessatti hiika jechootaaf xiyyeeffannoo isaan kennanii hagas mara kan hin taane akka ta'e nu hubachiiseera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI  YAADA FURMAATA

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoo kun xiinxala dandeettii hiika jechootaa barattoota kutaa $11^{ffaa}$ $12^{ffaa}$ xiyyeeffannoo haala Mana Barumsaa  Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$  bara 2014 kan adeemsifameedha. Qoratichi qorannicha akka adeemsiseef ka'umsa kan ta'e yeroo baay'ee dandeettiiwwan afaanii kanneen gurguddoofi isaan xixiqqoo jedhamanii kan qoodaman ta'uu beekamaadha. Kanuma bu'uureffachuudhaan yeroo baay'ee dandeettiiwwan afaanii isaan xixiqqoo jedhaman kanaaf xiyyeeffannoo qophii kitaabolee keessatti qaban hagas mara miti. Bu'uuruma kanaan qoratichi adeemsa turtii hojii keessatti qaburraa ka'uudhaan dandeettii  hiika jechootaa Afaan oromooo irratti barattoonni kutaa $11^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$ Mana Barumsaa Nophaa Sadarkaa $2^{ffaa}$ maal akka fakkaatu qoratichi addaan baaseera .

Kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala dandeettii hiika jechootaa Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Nophaa sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $11^{ffaa}$ fi$12^{ffaa}$ qorachuun sakatta'uu waan ta'eef sakattaameera.Bu'aan qorannoo kana irraa argamus: dandeettii hiika jechootaa barattoota kanneenii akkasuma ciminaafi hanqinaalee gurguddoon hiika jechootaa irratti qaban haala kamiin akka ifuufi yaadni furmaataa kennameera.

Qoratichi qorannoo kana galmaan ga'uudhaaf gosa qornnoo ibsaafi mala qorannoo makoo filatee qorannicha milkeesseera. Qorannicha milkeessuuf madda odeeffannoo adda baase keessaa qormaata barattootaaf marsaa lamaan mata duree hiika jechootaa irratti qabiyyee adda addaatiin qormaatni kennameera. Dabalataan brsiisota Afaan Oromoo barsiisan irratti gargaaramee mala iddattoo miti carraatiin ragaan sassabbateera. Haaluma kanaan barattoota kutaa $11^{ffaa}$ fi$12^{ffaa}$bara 2014tti yammuu dhimma bahu qormaata barattootaa idddattoo carraatiin gargaaramee qorannoo isaa gaggeessuu danda'eera. Adeemsuma kanaan gaaffilee qormaata barattootaa mala qorannoo hammamtaan akkasumas afgaaffii barsiisotarra argame immoo mala qorannoo akkamtaan qaacceesse booda argannoowwan armaan gadii irra gahameera.

### 5.2.Argannoo

Qorannoo kana keessatti odeeffannoo madda raga tokkoffaa fi madda raga lammaffaa akkasumas gaaffiiwwan adda addaa barattoota qoruun boqonnaa afur keessatti qacceeffameeraa . Innis gaaffiian bu'uura fi kaayyoo gooree qorannichaa irratti hunda'uun deebbiin argame akka armaan gaditti dhiyaateera.

- Rakkoo dandeettii hiika jechootaa barattootaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaa rakkoo isaa beekuuf qabiyyeewwan dandeettii hiika jechootaa jalatti jiran yeroo hiika jechootaa fayyadaman gadi bu'aa ta'uu isaa ti. Innis dandeettii hiika kallattiifi hiik-heddeetiin gadi aanaa ta'uu isaanii hubatameera.
- Rakkoo inni lammaffaa jechoota looga Afaan Oromoo hir'suuf galmeen hiika AFaan Oromoo dhabamuu isaa ti.
- Kiitaabni barnoota Afaan Oromoo hiika jechootaaf xiyyeeffannoo kennee qopha'uu dhabuu isaa.
- kitaabbonni wabii Afaan Oromootiin qopha'aan baayy'ee xiqaa yammuu ta'uu.

 Sababni barattoonni dandeettii hiika jechootaatiin akka gadi bu'aa akka ta'aan isaan taasise keessattuu hiika kallattitiin; aadaan dubbisuu barattootaa gadi bu'aa ta'uu, jechoota looga Afaan Oromoo hir'isuuf galmeen hiika jechoota Afaan Oromoo dhabamuu, kitaabni barnoota Afaan Oromoo hiika jechootaaf xiyyeeffannoo kennee qophaa'uu dhabuu, kitaaboleen wabii Afaan oromootiin qophaa'aan xiqqaachuu akka ta'ee bu'aa xiinxala qorannoo kanaaan hubatameera.

### 5.3. Yaada Furmaataa

Xiinxala dandeettii hiika jechootaa Afaan Oromoo barattoota: haala mana barumsa Nophaa Sadarkaa 2ffaa kutaa 11ffaa I2ffaa irratti qorannoon kun adeemsifamee argannoo qorannichaa bu'uura godhchuun qorataan kun yaada furmaata akka armaan gaditti tarreessuuf yaaleeraa.

- Barsiisonni mana barumsa Noophaa sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa barsiisan qabiyyeewwan hiika jechoota wal simsiisanii akka barsiisan fixiyyeeffannoo guddaa osoo itti kennanii gaarii dhaa .

- Rakkoo dandeettiin hiika jechootaa dandeettiiwwan Afaanii warra xixiqqoo keessaa isa tokkoo akka ta'ee xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan qabiyyeewwan hiika jechootaa irratti barsiisoonni xiyyeeffannoo osoo godhan gaarii dhaa. Dabalataanis barattoonni yeroo qorumsa qoraman osoo xiyyeeffannoo godhaa baayy'ee gaariidhaa. oraman qajeelfama qormaataa sirriitti akka qabanu, Afaanota wal keessa makanii fayyadamuu irraa akka barattootni of qusatan barsisonni barattoota isaanii hubachiisuu qabu.

- Barattoonni aadaa dubbisuu isaanii dabaluu akka qabanu, akkasumas hanqina galmee jechoota Afaan Oromoofi kitaabolee wabii Afaan Oromoo hir'isuudhaaf anuma nama barnoota kana xumuraa jiru dabalatee hayyoota keenya Afaanii fuulduratti ilaalaa kitaabolee qopheessuu irratti xiyyeeffannoo gochuu qabna.

**WABIILEE**


Abboomaa Nagaasaa, (2015) *Xiinxala Dhiyaannaa Jechootaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromo Kutaa 12ffaa*: Koolleejjii Namoomaa, Qo;annoo Afaanii ,Jornaalizimii fi Qunnamtii Yuunivarsitii Addis Ababaa (kan hin maxxafamne).

Addunyaa Barkeessaa . (2011). *Akkamtaa*: Yaadrimee qorannoo Hujoo. Finfinnee : Alem Printing P LC.

Adduyaa Barkeessaa (2012). *Natoo*: *Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*: Finfinnee Oromiyaa.

Adduyaa Barkeessaa (2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo*.Finfinnee : Far East Trading PLC.

Allen,v.f (1983). *Techniques in Teaching Vocabulary*. Hong Kong: Oxvord Univarsity Press.

Beekan Gulummaa. (2015). *Tuujuba*: *Saayinsii fi Dandeettiiwwan Afaanii* . Fifinnee: Elleni P.P.PLC.

Brown Douglas. (2000). *Teaching by principles.An Intractive Approach to Language pedagogy*. Second Edition Longman.

Brown,H.D. (1994). *Language assessment Principal and Class room Practice:an interactive Approach to language pedagogy.* Second edition.White Plains,NY: Person Education.

Dastaa Dassaaleny. (2002). *Bu'uura Qorannoo*.Addis Ababaa Mana Maxxansaa Boolee.

Filee Jaallataa,(2019). *Malleen Qorannoo*: Finfinnee, Oromiyaa, mana maxxansaa: ADP (ADP) Printingpress).

Geetachoo Rabbirraa,(2001). *Furtuu.Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa fi 10ffaa*. Kurraaz International.

Harmer,J.(1991). *The Practice of English Language Teaching.Long Man*: Longman (Uk) td.

Haayiluu Gulummaa, (2010) . *Qaacceessa Dhiyaannaa Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Xiyyeeffannoo Kutaa 9ffaa fi Kitaaba Wabii Furtuu Seerluga Afaan Oromoo*: Muummee Afaan Oromoo Ogbaarruu fi Fookloorii Koolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa Yuunivarsitii Finfinnee (kan hin maxxafamne).

Lyons,John.(1968). *An Introduction to Theoretical Linguistics.* Cambridge:Cambridge University Press.

McCrosite,J.(2007). *Exammining Learner Vocabulary Note Books*. ELT Journal, 61(3),24.

Migaanuu Gulummaa,(2011). *KATTAA*: *Ogummaa Barreessuu*.Fifinnee.

Nyikos, M.and Fan, M.(2007). *Areview of research on vocabulary learning strategeis* .In A.

O'Grady,W.(1996). *The Hand Book of Korean Vocabulary*.Universty of hawa'i Press.

Rabbirraa Tarrafaa.(2009). Gadaa. Caasluga Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa fi 10ffaa maxxansa 1^ffaa^ Finfinnee, Itoophiyaa.

Sannaayit, (2012). *Xiinxala Dhihaannaa Gilgaalota Hiika Jechootaa Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 12^ffaa^ :*Yuunivarsitii Jimmaa Kooleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Humaanitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruu. (Kan hin maxxanfamne) .

Stahi,S.A. (1999). *A Course in Language Teaching Practice and Theory*. Cambridge:M.A. Bookline books.

Tonjes, M.J. (1991). *Secondry Reading,Writing and learning*. Boston: Ally and Bacon.

Wallace,M.J (1988). *Teaching Vocabulary* .Chicago Univarsity of Chicago Press.

Wallace ,M.J (1982). *Teaching Vocabulary .Oxford:* Heinemanar Educational Blooks Ltd.

Zaaraa, (2013). Xiinxala Dhiyaannaa Hiika Jechootaa Kitaabota Afaan Oromoo Barattoota Kutaa 9ffaa fi 10ffaa Tooftaa Ittiin Barsiifaman Waliin Yuunivarsitii Jimmaa, Koolleejjii Saayiinsii Hawaasaa Fi Humaaniitii Damee Barnootaa Afaan Oromoo Fi Ogbarruu.

ደረጀ ገብሬ . (1996 ) . ተግባራዊ የጽሕፈት መሣረያ። አድስ አበ ባ፣ ንግድ ማተሚያ ድርጅት።

# Dabalee A

**Gaaffilee qormaata kutaa 11ffaa marsaa 1ffaa**

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheesseera. Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa"ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha. Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtan irratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Hubachiisa: Maqaa barreessuun hin barbaachisu. Yeroon kenname daqiiqaa 50'___

Saala __Umurii ___ kutaa_______ Maqaa mana barumsaa ______________

**Qajeelfama: Gaaffiwwan 1-4 jiranif jechoota himoota keessattiigurracha'aanii barreeffamaniif irra caalaa hiika kallattii ta'uu kan danda'aan barreessi.**

1. Dhukkubni kaansarii qoomaaa nama ajjeesa. ___________________________________

2. Obboleessi Abbaa koo inni hangafti qancara. __________________________________

3. Namtichi niitii isaa irraa miliquu barbaada._____________________________________

4. Tolaan kee warra maatii isaa irraa hiixuu dha. __________________________________

**Qajeelfama: Gaaffilee 5-8 Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan hiika kallattii isaa barreessi.**

5.Diina:________________________________________

6. Simboo:______________________________________

7. Hooksuu:_____________________________________

8.Akeekkachiisa:________________________________

**Qajeelfama:-Gaaffilee 9-11jiraniif hiikkaa haala galumsaarratti hundaa"uun hiika galumsa jechoota gurrachaani barreessi.**

9.”Rakkootu jira malee Waaqni akkamitti nutti garaa jabaata” jechaa **gumgumuu** jalqaban. ______________________________________________

10.Ilaalchi Addunyaaleessummaa dura **qummuudee** ture; waraana Adduyaa tokkoffaa booda ni coollage.____________________________________

11.Yeroo hunda **Afaan namaqsuu** barbaada.______________________________

**Qajeelfama: Jechoota gaaffii 12-15tti siif dhiyaataniin akkaataa galumsaatiin hiika adda addaa kennuu akkaataa isaan itti danda’aaniin hima hiika garagaraa qabu lama lama ijaarii agarsiisi.**

12A.Kute:______________________________________________________________

13B.__________________________________________________________________

14A.Dugda:_____________________________________________________________

15B.:_________________________________________________________________

**Qajeelfama: Gaaffilee 16-20 Jechoota hiik-heddee armaan gadiitti hima keessatti gurraacheeffamaniif hiika isaanii barreessi.**

16. Caalaan tulluurra **bahe**.___________________________________

17. Caalaan biyyaa **bahe.** ____________________________________

18. Lootoriin Caalaaf **bahe**.___________________________________

19. Maqa Najjoo gahee irraa adda **bahe.**_________________________

20. Konkolaataan Mucaarra **bahe**.______________________________

# Dabalee B

**Gaaffilee Qormaata Kutaa 12ffaa Marsaa 1ffaa**

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Afaan Oromoo Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheesseera. Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa‟ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtan irratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Yeroon kenname daqiiqaa 50’

Hubachiisa:Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Saala____ Umurii _____ kutaa______ Maqaa mana barumsaa ____________________

**Qajeelfama: Gaaffilee 1-3 jiran keessatti jechoota himoota keessatti gurrachaanii barreeffamaniif hiika kallatti barreessi**

1. Ani ummata Oromootiif qaaliidha jedhe artiist Acaaluu Hundeessaa. ____________________

2. Tolaan Xurree gubbaa dhaabbatee jira/. ____________________________

3.Abdiin bara jireenya isaa nama makkalaadha .______________________

**Qajeelfama: Gaaffilee 4-8 Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan hiika kallattii isaa barreessi.**

4. Koolugaltoota:- _____________________________________

5. Cirrikfachuu:- ______________________________________

6. Kottoonfate:- _______________________________________

7. Xaqanaa:____________________________________________

8. Maalaluu:___________________________________________

**Qajeelfama:-Gaaffilee 9-11 hima keessatti gurrachaanii jiraniif haala galumsaarratti hundaa‟uun hiika galumsa isaa barreessi.**

9 .Qeerransi bosonuu riphee eeggachaa jira.________________________________________

10.Bu‟aa bahii dheeraa booda irra aanuun isaa hin oolu.______________________________

11.Qacceenbineensa tokko tokkoo lafa irraa badeera jedhama.__________________________

**Qajeelfama:Jechoota kana gadiitti 12-15siif dhiyaataniin akkaataa galumsaatiin hiika adda addaa kennuu akkaataa isaan itti danda‟aaniin hima hiika garagaraa qabu lama lama ijaarii agarsiisi.**

12.Tume:-A.________________________________________________________________

13.B.____________________________________________________________________

14.A.Fixan:-_______________________________________________________________

15.B.____________________________________________________________________

**Qajeelfama: Gaaffilee 16-20 Jechoota hiik-heddee armaan gadiitti hima keessatti gurraacheeffamaniif hiika isaanii barreessi.**

16.Gochi isaa garaa na nyaate. ______________________________

17.Farsoon wal nyaate. ____________________________________

18.Mucaan mootorarra lafa dhahe.____________________________

19.Tolaan uleedhaan lafa dhahe.________________________________

20.Caalaan meexxiidhaan handaqii dhahe._________________________

## Dabalee C

Gaaffilee Qormaata kutaa 11ffaa marsaa 2ffaa

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaafi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheesseera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa‟ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtan irratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Hubachiisa:Maqaa barreessuun hin barbaachisu. Yeroon kenname daqiiqaa 50‟

Saala____Umuri kutaa_____ Maqaa mana barumsaa____________________________

**Qajeelfama:-Himoota gaaffilee1-5 jiran keessatti jechoota gurraacha‟anii barreeffamaniif hiika faallaa bakka galumsa isaanii barreessi.**

1.Tolaan Farda sakaale. ____________________________

2.Abdiin waan fagoo jiraatuuf mucaa isaa yaade.____________________________

3.Tolashiin gurbaa„qeerroo‟ tokkotti heerumte.______________________________

4. Gatiin lukkuu garmale qaala‟e.__________________________________________

5.Gumiin caffee Oromiyaa Abbootii seeraa 150 keessaa muude.______________________

**Qajeelfama:-Gaaffilee 6-8Jechoota armaan gaditti siif keennamaniin hiika faalla isaaniitiin hima ijaarii agarsiisi.**

6. Sassaabe:- ______________________________

7. Mulquu:- ________________________________

8. Jeejee :-_________________________________________

**Qajeelfama:Gaaffilee 9-12 Jechoota armaan gadiitti dhiyaataniif hiika faallaa kallattii barreessi.**

9. Qolachuu: ________________________________

10.Hawwachuu: ______________________________

11.Hidhe: ___________________________________

12.Arjoomuu:_________________________________

**Qajeelfama:Gaaffilee13-16 jiran Hiika guyyuu keessatti jechoonni armaan gadii hima keessa yoo galan hiika maal maalfa of keessaa qabu? Hiikka isaa barreessi .**

13.A. Booyyee . ____________________________________

14.B. _____________________________________________

15A.Bofa:- ________________________________________

16.B. _____________________________________________

## Dabalee D

Gaaffilee Qormaata  Kutaa 12ffaa Marsaa 2ffaa

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaafi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheesseera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa‟ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtan irratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Hubachiisa:Maqaa barreessuun hin barbaachisu. Yeroon kenname Daqiiqaa 40‟

Saala ______Umurii _ kutaa _______Maqaa mana barumsaa_______________

**Qajeelfama:- gaaffilee 1-3 jiran keessatti jechoota gurraacha'anii barreeffamaniif hiika faallaa bakka galumsa isaanii bakka duwwaa irratti jech sirriin barreessi.**

1.Caalaan waan sa‟aatiin itti darbeef saffisaan deemaa jira. _____________________________

2.Ayyaantuunqarqara lagaarra teessee Roobii laga keessaa bahu ilaalti. ____________________

3.Bu‟aa bahii dheeraa booda irra aanuun isaa hin oolu. _______________________________

**Qajeelfama:-Gaaffilee 4-6Jechoota armaan gaditti siif keennamaniin hiikaa faallaa isaaniitiin hima ijaarii agarsiisi.**

4.Mirqansuu _____________________________________________

5.Summii________________________________________________

6.Hilluu ________________________________________________

**Qajeelfama:Gaaffilee 7-10 Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan hiika faallaa isaa barreessi.**

7. Leellisuu:-__________________________________________________

8. Halaala:-____________________________________________________

9. Gandhaaluu:_________________________________________________

10. Kichuu:____________________________________________________

**Qajeelfama: Gaaffilee 11-16 jiran Hiika guyyuu keessatti jechoonni armaan gadii hima keessa yoo galan hiika maal maalfa of keessaa qabu? Hiikka isaa barreessi .**

11A.Saree:-____________________________________________________

12.B: ____________________________________________________

13A.Leenca:-____________________________________________________

14B. ________________________________________________________

15. Hoolaa:____________________________________________________

16B. ________________________________________________________

# Dablee E

Furtuu Deebii Qormaata Barattoota Kutaa $11^{ffaa}$ Marsaa $1^{ffaa}$

| T/L | Deebii | T/L | Deebii |
|---|---|---|---|
| 1 | Battalatti ajjeese | 11 | 11. nadogoggorsuu |
| 2 | Gameessa | 12 | Tolaan abdii kute |
| 3 | Dhokachuu | 13 | Boonaan kirrii kute |
| 4 | Fagoo | 14 | Abbaa mana waliin dugda walitti galte. |
| 5 | Nyaapha | 15 | Tolaa irraa dugda qaba. |
| 6 | Miidhagina | 16 | Yaabbate,olbahee |
| 7 | Qirqirsuu (haxaa‟uu) | 17 | Gadi lakkise, godaane,gadhiise |
| 8 | Ofeeggannoo | 18 | . Carra argate |
| 9 | Sagalee gadi qabanii dubbachuu. | 19 | Irra gore, gargar gore |
| 1o | Mul‟ate | 20 | Irra bahe,rukute |

## Dabalee F

Furtuu Deebii Qormaata Barattoota Kutaa 12ffaa Marsaa 1ffaa

| T/L | Furtuu deebii qormaataa | T/L | Furtuu deebii qormaataa |
|---|---|---|---|
| 1 | Mi‟‟aa | 11 | Dinqisiifachuu,ajaa‟‟ibsifachuu |
| 2 | Daandii | 12 | Abbaan mucaa isaa tume. |
| 3 | Hamaa | 13 | Namichi sibiila tume . |
| 4 | Dhokate | 14 | Hoji jalqaban fixan . |
| 5 | Injifachuu | 15 | Yuukireenii fi Raashiyaan wal fixan.<br>(Namoonni wal fixan,Jarri wal fixan.) |
| 6 | Sanyiin | 16 | Nagaddisiise |
| 7 | Baqattoota | 17 | Danfe,wal nyaatee |
| 8 | Tufuu (tuffii agarsiisuu) | 18 | Kufe |
| 9 | Suntuure | 19 | Rukute |
| 10 | Abshaala (haxxee),(hilluu) | 20 | Hojjate (tolchee) |

## Dabalee G

Furtuu Deebii Qormaata Barattoota Kutaa 11ffaa Marsaa 2ffaa

| T/L | Furtuu deebii | T/L | Furtuu deebii |
|---|---|---|---|
| 1 | Hike | 9 | Simachuu |
| 2 | Dhiyoo | 10 | Jibbisiisuu, (jibbuu) |
| 3 | Suubboo | 11 | Hike |
| 4 | Bushaaye | 12 | Dhowwachuu, (donnoomuu) |
| 5 | Aanggoo kenne | 13 | Bineensota bosonaa |
| 6 | Inni bosona mancaase. | 14 | Kan nyaatee hin quufne |
| 7 | Fedhesaaf aangoo kennan. | 15 | Bineensa garaan loo‟u, (summii kan qabu) |
| 8 | jarri quufaa dha. | 16 | Kan garaan isaa hin argamne. |

## Dabalee H

Furtuu Deebii Qormaata Barattoota Kutaa 12ffaa Marsaa2ffaa

| T/L | Furtuu deebii | T/L | Furtuu deebii |
|---|---|---|---|
| 1 | Suuta | 9 | Gadduu |
| 2 | Gidduu | 10 | Qancara |
| 3 | Injifatamuu | 11 | Kan mana eegdu,beeylada manaa |
| 4 | Inni gadda irra jira. | 12 | Gadhee, (kan hin taane), (bakka hin taanetti kan argamu) |
| 5 | Gorsi isaanii dawa dha. | 13 | Bineensa bosonaa. |
| 6 | Abbaan isaa gowwaa dha. | 14 | goota,kan soda hin qabne |
| 7 | Arrabsuu (hadheessuu) | 15 | beeylada manaa, (kan foon isaa nyaatamu) |
| 8 | Dhihoo | 16 | gowwaa, (haxxee kan hin taane) |

# Dabalee I

Af-gaaffii barsiisotaaf Dhiyaate

Kabajamaa /tu barsiisaa /ttu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi12ffaa Xiinxaluuf Afgaaffii kana isiniif qopheesseera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa"ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf Afgaaffii itti aananii isiniif dhiyaatanuun akkaataa gaafatamtaniin deebii keessan akka naaf kennitanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Hubachiisa:-Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisaa /ttuu afgaaffiif dhiyaatanii

Saala ______Umurii _______Sadarkaa barumsaa Tajaajila waggaa __________

Gosa barnoota ittiin eebbifamee __________________Gosa barnoota barsiisanuu ___________

1.Gahuumsa (dandeettii ) barattoonnii hiika jechootaarratti qaban dandeettiiwwaan warra kaan irraa maalfakkaatu?

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

2.Dandeettii hiika jechootaa yammuu madaaltanu barattoonni kan salphaatti deebisanu kami? A.Hiika kallattii B.Hiika galumsaa C.Hiik-heddee D.Hiika guyyuuti? E. Hiika fallaati?

3. Sababiin isaa maalinni? ________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

4. Hanqinaaleen gurguddoon dandeettii hiika jechootaa barsiisuu keessatti mudatan jiruu?

5. Yoojiraatan maalfaadha?

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

## Dabalee J

Gaaffii fi deebii qorataa fi barsiisota afgaaffii gaafataman waliin taasifameBarsiisonni afgaaffii kana keessatti hirmaatan 5 yoo ta'an maqaan isaanii qubeefi lakkoofsaan bakka buufameera. Qorataa: Qo.Barsiisaa /ttuu: B

Qo.: Maqaa keessanii fi kutaa barsiistanu?

B1: Maqaan koo B/stuu …kutaa ... barsiisa.

Qo. : Gahuumsa (dandeettii ) barattoonnii hiika jechootaarratti qaban dandeettiiwwaan warra

kaan irraa maal fakkaatu?

B1: Dandeettiiwwan Afaannii warra kaan irraa beekumsa hiika jechootaatiin barattoonni keenya hagas mara miti. Sadarkaadhuma giddu galeessaa irra jiru.

Qo:Baga nagaan dhuftan. Maqaa keessaniifi kutaa barsiistanu?
B2 :Baga nagaan nu eegdan . Maqaan koo … kutaa …barsiisa.

B2: Dandeettii hiika jechootaa yammuu jennu hiika galumsaa,hiika kallattii,hiikaa faallaa,fi hiikaguyyuutu jiru.Isaan kana sadarkaa sadarkaadhaan ka"uu dandeenya.Hunda isaanii irratti dandeettii wal fakkaataa hin qaban.

Qo:Baga nagaan dhuftan. Maqaa keessaniifi kutaa barsiistanu ?

B3: Hiikni jechootaa dandeettiiwwan afaanii warra gurguddaatti dabaluu yoo baanne dandeettiiwwan afaanii warra xixiqqoo keessaa isa tokko dha. Hiika jechootaatiin akka dandeettiwwan warra kaanii hiika itti kennuu irratti gadi bu'aa taanus hiika itti kennuu irratti garaagarummaa qabu.

Qo: Baga nagaan dhuftan.Maqaa keessanii fi kutaa barsiistanu?

B4: Baga nagaan nu eegdan. Maqaan koo Barsiisaa …kutaa …

B4: Dandeettii barattoonni hiika jechootaa irratti qaban dandeettiiwwan warra kaan irraa giddu galeessaa irra jiru.Sababiin isaas barattoonni kun sadarkaa tokkoffaa irraa kaasanii shaakalli isaan hiika jechootaa irratti qaban gahaa waan hin taaneef.

Qo: Baga nagaan dhuftan.Maqaa keessanii fi kutaa barsiistanu?
B5: Baga nagaan nu eegdan. Maqaan koo B/stuu …kutaa …

B5: Hiika jechootaa yeroo jennu hiika kallattii,hiika galumsaa,hiika faallaa,hiika guyyuu ti. dandeettii barattoonni hiika jechootaa irratti qaban hagas mara miti.Sababiin isaas qophii qabiyyee kitaabaas hiika galumsaa irratti xxiyyeeffata malee qabiyyeewwan hiika jechootaa kanneen biroof xiyyeeffannoon isaa amma kana miti

Qo : Dandeettii hiika jechootaa yammuu madaaltanu barattoonni kan salphaatti deebisanu kami? A.Hiika kallattii B.Hiika galumsaa C.Hiik-heddee D.Hiika guyyuu ti? E.Hiika fallaati?

B1:Barattoonni keenya kan isaan salphaatti deebisanu hiika galumsaati. Qo: Sababiin isaa maali?

B1: Kunis maal jennee yoo ilaalle kitaabni baratаа Afaan Oromoo boqonnaa 18ttanuu dubbisa

waan of keessaa qabuuf.

B2: Hiika galumsaa ti.

Qo: Sababiin isaas maalii?

B2: Sababiin isaas hiikni galumsaa qabiyyee kitaabaa irratti yammuu ilaallu himootaa waajin waan wal qabatee jiruuf ergaa himni sun baatee jiru tilmaamuudhaan hiika jecha tokkoo kennuun ni danda‟aama.

B3: Akka salphaatti kan isaan hiika itti kennuu danda‟aanu keessaa tokkoo hiika guyyuu fi hiika galumsaa ti. Sababiin isaas barnoonni Afaan Oromoo dubbisa irratti waan xiyyeeffatuuf. akkasumas dandeettiiwwan dubbisuutiin walitti hidhiinsa waan qabaatuuf dubbisa guyya guyyaan dubbisaa oolanuun galumsa irratti hiika itti kennuu danda‟u.
B4: Hiika galumsaa fi hiika faallaa ti .

Qo: Sababiin isaas maalii?

B4: Warra kaanis hin deebisanu jechuu koo osoo hin taane garuu kan isaan akka salphaatti deebisanu hiika galumsaa fi hiika faallaati .Akkasumas kitaabni barnoota Afaan Oromoo bal‟inaan dubbisa irratti waan xiyyeeffatuuf.

B5: Hiika faallaa ti.Sababiin isaas hiikni faallaa wal bira kan deemuu dha.Akkasumas kitaabni barataa Afaan Oromoo bal‟inaan dubbisa waan of keessaa qabuuf.

Qo:Yaada naaf laattaniif galatoomaa.

B5:Isinis galatoomaa.

Qo:Hanqinaaleen gurguddoon dandeettii hiika jechootaa barsiisuu keessatti mudatan jiruu? B1:Eeyyee jiru.

Qo: Yoojiraatan maalfaadha?

B1:Akkuma mana barumsaa keenyaatti fudhannee yoo ilaalle galmeen jechoota Afaan Oromoo dhabamuu,akkasumas kitaabni dabalataa Afaan Oromoo xiqqaachuu,haala naannoo barataa kana jechuun akka naannoo keenyaatti af-heddeetu baay‟ata waan ta‟eef kanas yeroo ati hiika jechootaa Afaan Oromootiin gaafattu Afaan Amaariffatiin deebisu waan ta‟eef.

B2:Eeyyee jiraachuu malu.

Qo:Yoo jiraatan maalfaa dha?

B2: Jechi iddoo tokkotti beekamu iddoo biraatti beekamaa miti.Sababii kanaa barattootaaf yammuu hiika kallattii gaafataman deebii kennuudhaaf ni rakkatu.Akkasumas jechoonni haaraan jechootatti dabalamaa waan deemanuuf osoo galmeen jechoota Afaan Oromoo bal‟inaan jiraatee gaarii dha.

B3:Eeyyee jiru.

Qo:Yoo jiraatan maalfaa dha?

B3: kanneen akka looga Afaan Oromoo.Sababiin isaas jechi naannoo tokkotti beekamu yammuu dhiyaatu hiika itti kennuu irratti ni rakkatu.Akkasumas aadaa dubbisuu barattootaa dhabamuu, manni dubbisa magaalaa dhabamuu,kitaaboleen dabalataa dhabamuu,Waajjirri aadaa fi Turiizimii kitaabolee jechootaa haaraa qopheessanii akka barattoonni hiika jechoota biyya biyyaa akka isaan baranuuf dhabamuu.

B4: Eeyyee nijiru.

sababiin isaas bifa wal qixxaataa ta‟een beekuu dhabuu.Akkasumas galmeen hiika jechootaa dhabamuu.

B5: Eeyyee nijiraatu. Sababiin isaas kitaabni barataa Afaan Oromoo hiika jechootaan wal qabatee dubbisa irratti waan xiyyeeffatuuf hiika galumsaa irratti xiyyeeffata malee warra kaaniif xiyyeeffannoon isaa hagas miti.Akkasumas kitaaboleen Afaan Oromootiin bahaan hagas jiraachuu dhabuu.

Qo:Tole yaada naaf kennitaniif galatoomaa.

B5:Tole isinis galatoomaa.

**Yuunivarsitii Jimmaa**

**Koolleejjii Saayiinsii Hawaasaa fi Humaaniitii**

**Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Gaaffilee qorannoo kutaa 11ffa marsaa 1ffaa**

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheesseera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa'ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtanirratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Yeroon kenname daqiiqaa 50'

**Hubachiisa:**Maqaa barreessuun hin barbaachisu

Saala dhi Umurii 17 kutaa 11 Maqaa mana barumsaa Nophaa Sad. 2ffaa

**Qajeelfama:Gaaffiwwan 1-4jiranif jechoota himoota keessattii gurracha'aanii barreeffamaniif irra caalaa hiika kallattii ta'uu kan danda'aan barreessi.**

1.Dhukkubni kaansarii **qoomaaa** nama ajjeesa. nikule ✗

2.Obboleessi Abbaa koo inni hangafti **qancara**. furdaa ✗

3.Namtichi niitii isaa irraa **miliquu** barbaada. Sochuu ✗

4.Tolaan kee warra maatii isaa irraa **hiixuu** dha. Xalaata ✗

**Qajeelfama:Gaaffilee 5-8 Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan hiika kallattii isaa barreessi.**

5.Diina: wadaja ✗

6. Simboo: Midhagina ✓

7.Hooksuu: nyaachuu ✗

8.Akeekkachiisa: ofeeggannoo ✓

2/8

INFINIX
AI CAMERA



**Qajeelfama:-Gaaffilee 9-11 jiraniif haala galumsaa irratti hundaa'uun hiika jechoota gurrachaani barreessi.**

9."Rakkoota jira malee Waaqni akkamitti nutti garaa jabaata" jechaa **gumgumuu** jalqaban. asaasuu

10.Baalchi Addunyaaleessummaa dura **qummuudee** ture, waraana Adduyaa tokkoffaa booda ni coollage. Mul'ata

11.Yeroo hunda **Afaan namaqsuu** barbaada. dogoggorsuu

walitti dhufeenya isaani cimse

**Qajeelfama:Jechoota 12-15tti siif dhiyaatanii akkaataa galumsaatiin hiika adda addaa kennuu akkaataa isaan itti danda'aaniin hima hiika garagaraa qabu lama lama ijaarii agarsiisi.**

12A.Kute: walitti dhufeenya isaani cime 4/7

13B.

14A.Dugda: Jarri dugda walitti galaan

15B.: Abirra dugdan gaba

**Qajeelfama:Gaaffilee 16-20 Jechoota hiik-heddee armaan gadiitti hima keessatti gurraacheeffamaniif hiika isaanii barreessi.**

16.Caalaan tulluurra **bahe.** bu'e 2/5

17.Caalaan biyyaa **bahe.** godaname

18.Lootoriin Caalaaf **bahe.** dhabe

19.Maqa Najjoo gahee irraa adda **bahe.** irraa gore

20.Konkolaataan Mucaarra **bahe.** gaccate

INFINIX AI CAMERA

**Yuunivarsitii Jimmaa**

**Koolleejjii Saayiinsii Hawaasaa fi Humaaniitii**

**Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Gaaffilee Qormaata Qorannoo Kutaa 12ffaa Marsaa 1ffaa**

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi 12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheessera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa'ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtan irratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

**Hubachiisa:**Maqaa barreessuun hin barbaachisu

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Yeroon kennamne daqiiqaa 50'

Saala dhi Umurii 18 kutaa 12 Maqaa mana barumsaa Nopha sad. 2ffaa

**Qajeelfama: Gaaffilee 1-3 jiran keessatti jechoota himoota keessatti gurrachaanii barreeffamaniif hiika kallatti barreessi**

1. Ani ummata Oromootiif **qaaliidha** jedhe. Artiist Acaaluu Hundeessaa. mi'aa

2. Tolaan **Xurree** gubbaa dhaabbatee jira/. ~~[illegible]~~ tabba

3. Abdiin bara jireenya isaa nama **makkalaa**dha. qaawwiidha

**Qajeelfama:Gaaffilee 4-8Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan hiika kallattii isaa barreessi.**

4.Koolugaltoota:- Figdoota

5.Cirrikfachuu:- Liqimsuu

6.Kottoonfate:- Walitti gale

7.Xaqanaa: gowwaa

8.Maalaluu: gowwoomsuu

2/8

INFINIX
AI CAMERA

**Qajeelfama:-Gaaffilee 9-11jechoota himoota keessatti gurraacha'aanii jiraniif hiika galumsa isaanii barreessi.**

9. Qeerransi bosonuu **riphee** ceggachaa jira. dhokatee

10. Bu'aa bahii dheeraa booda **irra aanuun** isaa hin oolu. irra ciisuu

11. **Qacceen** bineensa tokko tokkoo lafa irraa badeera jedhama. Sanyii

**Qajeelfama:Jechoota 12-15 siif dhiyaataniin akkaataa galumsaatiin hiika adda addaa kennuu akkaataa isaan itti danda'aaniin hima hiika garagaraa qabu lama lama ijaarii agarsiisi.**

12. Tume:-A. Inni nama reebuu jaal'ata

13. B. nyaate

14A. Fixan:- Xumuran

15. B. Fiigan

**Qajeelfama:Gaaffilee 16-20 Jechoota hiik-heddee armaan gadiitti hima keessatti gurraacheeffamaniif hiika isaanii barreessi.**

16. Gochi isaa garaa na **nyaate.** Dagaddisiise

17. Farsoon wal **nyaate.** danfe

18. Mucaan mootorarra lafa **dhahe**. rukute

19. Tolaan uleedhaan lafa **dhahe**. kute

20. Caalaan meexxiidhaan handaqii **dhahe.** Sirreesse

2/5

INFINIX
AI CAMERA

**Yuunivarsitii Jimmaa**

**Koolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaanitii**

**Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Gaaffilee qormaata kutaa 11ffaa marsaa 2ffaa**

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isiniif qopheesseera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa'ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isiniif dhiyaatanuun bakka gaafatamtan irratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

Yeroon kennamee daqiiqaa 50'

**Hubachiisa:**Maqaa barreessuun hin barbaachisu

Saala dh. Umurii 17 kutaa 11 Maqaa mana barumsaa Nophaa sad-2 ffaa

**Qajeelfama:-Himoota gaaffilee1-5 jiran keessatti jechoota gurraacha'anii barreeffamaniif hiika faallaa bakka galumsa isaanii barreessi.**

1.Tolaan Farda **sakaale.** hidhe

2.Abdiin waan **fagoo** jiraatuuf mucaa isaa yaade. dhiyoo

3.Tolashiin gurbaa**'qeerroo'** tokkotti heerumte. dargaggeessa

4. Gatiin lukkuu garmale **qaala'e.** ol ka'e

5.Gumiin caffee Oromiyaa Abbootii seeraa 150 keessaa **muude.** aangoo kenne

**Qajeelfama:-Gaaffilee 6-8Jechoota armaan gaditti siif keennamaniin hiika faalla isaaniitiin hima ijaarii agarsiisi.**

6. Sassaabe - Abdiin maatii manca'se.

7.Mulquu:- Fedhesaa irraa aangoo kuusa

8.Jeejee :- Namooni buqqa'aan bada'an

INFINIX
AI CAMERA


**Qajeelfama:Gaaffilee 9-12 Jechoota armaan gadiitti dhiyaataniif hiika faallaa kallattii barreessi.**

9. Qolachuu: Osimaa ittisuu
10 Hawwachuu: Simachuu
11.Hidhe: mana hidha galche
12.Arjoomuu: Kennuu

**Qajeelfama:Gaaffilee13-16jiran Hiika guyyuu keessatti jechoonni armaan gadii hima keessa yoo galan hiika maal maalfa of keessaa qabu? Hiikka isaa barreessi .**

13.A. Booyyee . Bineeta hosonaa
14.B Suddaa
15A.Bofa:- liccuu
16.B: Milla kan hin qabne

1/4

**Yuunivarsitii Jimmaa**

**Koolleejjii Saayiinsii Hawaasaa fi Humaaniitii**

**Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Gaaffilee Qormaata Kutaa 12ffaa Marsaa 2ffaa**

Kabajamaa barataa/barattu:- Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa Xiinxala Dandeettii Hiika Jechootaa Barattootaa Haala M/B/Nophaa sad.2ffaa Kutaa 11ffaa fi12ffaa Xiinxaluuf qormaata kana isinif qopheesseera.Deebii isin ofeeggannoodhaan kennitanu milkaa'ina qorannoo kanaaf gahee guddaa kan taphatuudha.Kanaaf gaaffilee itti aananii isinif dhiyaatanuun bakka gaafatamtanir ratti deebii keessan akka guuttanu kabajaan isin gaafadha.

Dursee atooma isin gootanuuf galatoomaa jechuun barbaada.

**Hubachiisa:**Maqaa barreessuun hin barbaachisu. Yeroon kenname Daqiiqaa 40'

Yeroon kenname Daqiiqaa 40'

Saala dhi Umurii 18 kutaa 12 Maqaa mana barumsaa __________

**Qajeelfama:- Gaaffilee 1-3 jiran keessatti jechoota gurraacha'anii barreeffamaniif hiika faallaa bakka galumsa isaanii jecha sirriin barreessi.**

1.Caalaan waan sa'aatiin itti darbeef **saffisaan** deemaa jira. Suuta

2.Ayyaantuun **gargara** lagaarra teessee Roobii laga keessaa bahu ilaalti.

bira

3.Bu'aa bahii dheeraa booda **irra aanuun** isaa hin oolu. Injifachuu

**Qajeelfama:-Gaaffilee 4-6Jechoota armaan gaditti siif keennamaniin hiikaa faallaa isaaniitiin hima ijaarii agarsiisi.**

2/10

4.Mirqansuu Jiraachuu

5.Summii kan nama ajjeesu

6.Hilluu gowwaa

INFINIX
AI CAMERA



Qajeelfama:Gaaffilee 7-10 Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan hiika faallaa isaa barreessi.

7.Leellisuu:- fantsuu

8.Halaala:- fagoo

9.Gandhaaluu

10.Kichuu: dabarraa

Qajeelfama:Gaaffilee 11-16 jiran Hiika guyyuu keessatti jechoonni armaan gadii hima keessa yoo galan hiika maal maaffa of keessaa qabu? Hiikka isaa barreessi .

11A.Saree:- bineensa

12.B: Sareen nama ciniinti.

13A.Leenca:- Leenca Bosonuu nyaata

14B.- keenci mi nuus

15. Hoolaa Hooloon dhoftu

16B.

INFINIX
AI CAMERA




Suuraa barsiisota afgaaffiif dhiyaatanii




Suuraa barattoota qormaata qoramanii